مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# إسلامية المعرفة بين الأمس واليوم

## د. طه جابر العلواني

# Beekkumsa Islaamessuu Kalee fi Har'a jidduutti

Qopheessaan:


Dr. Xaahaa Jaabir Al- Alwaanii


Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri


Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha



Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# إسلامية المعرفة بين الأمس واليوم

## د. طه جابر العلواني

# Beekkumsa Islaamessuu Kalee fi Har’a jidduutti

Qopheessaan:

Dr. Xaahaa Jaabir Al- Alwaanii

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C**

| **DF-E-TrBs -17/10** |
|---|

# BAAFATA

**Mata Duree** **fuula**

1- Dhiyeessaan, Dr Alii Jum'aa ---------------------------------3
2- Seensa -----------------------------------------------------------6
3- Dhugummaa Beekkumsa Islaamaamessuu fi
Barbaachisummaa isaa ------------------------------------- 14
4- Beekkumsa Islaamessuu: Akkaataa Adeemsaa ----------- 29
5- Mallattoolee Adeemsa Beekkumsa Islaamessuu
Ibsan:--------------------------------------------------------------30
1ffaan: Seera Beekkumsa Islaamaa Ijaaruu ------------------ 30
2ffaan: Adeemsa Beekkumsa Qur'aanaa Hundeessuu -----32
3ffaan: Adeemsa Qur'aana Waliin Ittiin Jiraatan
Ijaaruu........................................................................ 35
4ffaan: Ijaarsa Akkaataa Sunnaa ergamaa Rabbiititti (SAW)
dhimma bayan ---------------------------------------------- 39
5ffaan: Hambaalee Islaamaa Qayyabannaa Sirrii ta'e
Qayyabachuu ------------------------------------------ ----- 44
6ffaan: Hambaalee Biyyoota Dhihaatti Dhimma
Bayuu ------------------------------------------------------- 46
6- Barbaachisummaa Beekkumsa Islaamessu……………........47
7- Miil-jalee ------------------------------------------------------.60

بسم الله الرحمن الرحيم

***Maqaa Rabbii tola oolaa fi mararfataa ta'eetiin (eegalla).***

## 1- Dhiyeessa

Galanni Kan Rabbii addunyaa tana mara uuumeeti. Nageenyii Fi Rahmanni Rabbii ergamaa isaa amanamaa Muhammadiin, maatii fi waa'illan isaanii cufuma irratti haa jiraatu.

Kitaaba Xinnoo tana keessatti namni nuti qunnamnu, Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii jedhamu, Dura bu'aa dhaabbata Xiinxallaa Islaamaa Addunyaati.Kitaaba kana keessatti ilaalchaa fi akkaataa adeemsa Beekkumsa Islaamaa kan dhaabbanni Xiinxallaa IslaamaaAddunyaa jedhamu kun; gaafa hundeeffame irraa eegalee hanga ammaatti irratti bu'uureffame, maqaa "Beekkumsa Islaamessuu" jedhuun moggaase kana sirritti hiika isaa fi bu'uureffama isaa nuu ibsuudha. Ibsi isaanii kunis; qayyabannoolee dogongora turan hedduu sirreessee hiikee jira. Qayyabannooleen kunis, kanneen namoonni baratan ilaalcha kana akka dafanii hin fudhanne isaan godhan, kan namoonni gariin immoo yaada sammuu isaanii keessa jiru akka morman godhan, hubannoo dhimma yeroo waliin deemuuf ga'ee kan hin qabne, ergaa mana barumsicha xiinxallaa kanaas kan hin ta'inii fi Muslimoonni fi namoonni biroos rakkinna xiinxallaa addunyaa ammaa kana keessaa bayuuf hubannoolee akka furmaataatti ooluuf kan hin abdachiifneedha.

Amantiin Islaamaa, yaamicha addunyaa hundaaf dhiyaate waan ta'eef, yeroo hundaafi bakka hundattuu sammuu dhala namaa jiruu ilma namaa haasofsiisee dubbisuuf (waan sammuun namaa fudhattu qofa waan dhiyeessuf) yaamicha amantii kanaa qayyabachuufi hojiitti jijjiiruun Kan danda'amu, ilaalcha kana irraa ka'uudhaan namni dhugaa barbaadu fi namni xiinxallaa qabu kamiyyuu qabaachuu qabudha. Kitaabichi kunis kanumatarreesse.

Beekkumsi Islaamessuukun kan argamu yaada yookiin ilaalcha waa'ee dhala namaa, jiruu fi hawaa irraayi. Akkasumas gaaffilee walii galaa kan maaliif lafa kanairratti argamne? Safuun maali? Jedhan yeroo deebisnu irraa beekkumsa madduuni. Beekkumsa Islaamessuun kun adeemsa hojiiseerri fi bu'uura beekkumsaa irraa maddan waan ta'eef, namoonni bu'uurran beekkumsaa lamaan maaliif lafa kana irratti akka argamne fi Wahyii (ergaa Rabbiin gara ergamtoota isaatti himu) waliin akkamitti akka jiraatan, akkasuma hariiroo isaan lamaan jidduu jiru beekuuf karaa saaqa.Beekkumsi Islaamessuu kuni gama beekkumsaatiin, saayinsiiwwan Hawaasaa fi saayinsiiwwan waa'ee dhala namaa qoratan karaa (adeemsa) murtaawaa ta'e, kan qorannoo isaaniiittiin gaggeessaniif mala ykn seera haaraya baasaaf.

Kitaaba kana keessattikan ilaallu, dhimma baay'ee murteessaa tahe, kan beektonni hunduu irratti hirmaatuu qabaniidha (keessattuu beektonni Islaamaa).Dhimmi kunis maali

yoo jenne: dhimma Beekkumsa Islaamessuu jedhuudha. Hiika Barsiisaan keenya Dr. Xaahaa Jaabir kitaaba kana keessatti Kennan irraa kaane, inni kuni yooakka qabxii isa jalqabaatti fudhatamee, Xiinxallaa Islaamaa isa ammayyaatiif bu’uura guddaa ta’a. Keessattuu yeroo warraaqsi sab-qunnamtii, geejjibootaa fi teknoolojiiwantoota hunda gar-malee ariitiin jijjiiree kanatti. Wantoonni ariitiin akka guddatanii fi akkasumas wantoonni gariin akka kufaniif sababa guddaa yeroo ta’e kana keessatti.

Rabbiin Barsiisaakeenya kana wanta isaan ifa baasanii nuuf ibsan kanaaf mindaa isaanii haa kennuuf.Akka Rabbiin ergaa Kanarraa namoota fayyadaman nu godhu abdii qaba.Kan waan hundaa nama qunnamu Rabbiin qofa.

***Dr. Alii Jum’aa Muhammad***

***Barsiisaa yunivarsitii Al-Azhar***

**2- Seensa**

Galanni Kan Rabbii guddaa addunyaa kana mara uumeeti. Rahmannii Fi Nageenyi Rabbii Ergamaa isaa irratti haa jiraatu. Akkasumas maatiiisaanii, waa'illan isaaniifi cufuma namoota karaa isaanii hurdofanii irratti haa jiraatu.

**Kanatti Aansuudhaan:** Yaanni Beekkumsa Islaamessuu jedhu kun mana barumsa "Beekkumsa Islaamessuu" keessatti kan uumame jalqabuma yeroo hundeeffama isaa irraa eegaleeti.Yaanni kun ilaalcha beekkumsaa fi akkaataa adeemsa jireenyaati jedhamee itti amanamaa ture malee ooyruu ykn iddoo beekkumsaa, barumsaa, yaadaa yookiin qorannoo haaraya uumamee miti. Kanaafuu yaanni kunyeroo hundaa dhimma beekkumsaa fi haala jireenyaatiin wal-qabatee haaroomsa fiduu, eenyummaa ofii beekuu, dhimma yeroo beekuu, seenaa yeroo tokkoo qofa ykn jechoota yeroo tokko qofaaf jedhamaniinii fi wantoota jijjiirama hin fudhanne Kan namoonni gariin daangessaniin injifatamuu dhabuu irratti xiyyeeffata.

Yaanni Kun gahee yeroon dalagaa tokko keessatti qabuu fi dhiibbaa sadarkaaleen seenaa adda addaa yaada yookiin xiinxala haarawoomsuu, bilcheessuu, guddisuu fi gabbisuu guutuu keessatti qaban qajeelatti Ni hubatti.

Kana irraa ka'uun yaada "Beekkumsa Islaamessuu" jedhu kana namni akka jecha jijjiirraa hin fudhanne fi hiikkaa muraasa qofaaf kaayameetti ilaalu, yookiin immoo akka yaada garee muraasa qofaaf kaayameetti fudhatu, ergaa yaada kanaaisa

dhugaa sirritti hubachuu hin danda'u. Dhugaa yaada kanaa namni hubatu Nama yaada kana akka adeemsa beekkumsaa fi maddeen beekkumsaatti itti fayyadamaniidha jedhee yaadu qofa, yookiin nama yaada kana akka ilaalcha beekkumsaa kan ijaarsa, bilchinna, wantoota haaraya argachuu, guddinna fi qorannoof nama kakaasa jedhee itti amanu qofa.

Kanaafuu bifa itti fufiinsa qabuun irra deddeebi'anii ilaaluun adeemsa fi beekkumsa dirqama ta'eedha.Sochiin godhamuu qabu, wanta walii-galaa irraa gara wantoota muraasaatti, wanta dimshaasha ta'e irraa gara kutaalee gar-tokkee wantootaatti, deebi'uudha. Sababa kanaaf kitaaba Beekkumsa Islaamessuu jedhu kana keessatti bu'uurawwan dhimma kanaa fi karoorri hojii kanaa maali kan jedhu jalqaba irratti kan dhufe bifa jijjiirama ofitti fudhatu fi bifa walii-galaatiin kan dhiyaateedha.

Kitaabni Kun tooftaalee jireenyaa isa yeroo durii fi isa biyyoonni dhihaa hordofaa jiran irratti falmii sirrii godhee, dhimma ykn yaada Beekkumsa Islaamessuu jedhu kanaaf karaa banuun barbaachisummaan isaa maal akka ta'e ibsa. Akkasumas kitaabni Kun, yeroo sirna beekkumsa Islaamaa Kan ilaalcha fi seerota bu'uura Islaamaa irratti hundaa'e ijaarru, qabxiilee baay'ee barbaachisoofi bu'uura ta'an xiyyeeffannoo keessa galchuu qabnus nuufibsa.

Akkasumas, dhimma yaadaan (xiinxallaan) wal-qabatesgama (Beekkumsa Islaamaatiin) bifa baay'ee gabaabaa

ta'een hiikee jira. Haa ta'u malee, kitaabichi xiyyeeffannaa isaa gara caalu Gama kutaalee wantootaa Kan kitaabni adeemsa saayinsii hawaasummaa ibsu irratti bu'uureffame irratti Kan taasise fi Kan xiyyeeffateef baqattummaa fi sarbamuu aadaa hawaasni Islaamaa yeroo ammaa jiraataa jiru sirritti waan yaadachiisuuf ture. Kanaaf jecha barbaachisummaa kutaalee wantootaa kanaaf tarkaanfiilee bu'uuraa 12 kaaye. Tarkaanfiileen kunis as irratti haa daangeffaman malee waa itti dabaluu fi babal'isanii ilaaluu wanti dhorgu hin jiru.

Tarkaanfiileenii fi seerri kitaabni kunakka bu'uura hojiitti tarreesse, namoota hedduu biratti fudhatama guddaa argatanii jiru. Yaada kana deeggaruu keessatti namoonni hedduun irraa barreessanii jiru, dhaabbileen akkaadamiin hedduun yaaddan kana fudhatanii irratti hojjachuufi bu'aalee isaa hojirra oolchanii ilaaluuf yaalanii jiru.Garuu namoonni gariin dhimma bu'uura ergaa kitaaba kanaa hubachuu dadhabanii kun yaada gareelee amantii tokko qofaaf qophaa'e jedhaa turan, namoonni gariin immoo, jechoota sirrii hin taaneen yaada kana mormaa turan, namoonni muraasni immoo yaada dura sammuu isaanii keessaa qabaniin wal-bira qabanii ilaaluun yeroo dubbisan; yaada dura itti amananiin wal-gituu waan dhabeef hedduu tuffiifi mormii yaadicha kanaaf qaban ibsataa turan.

Namoonni gariin immoo kuni yaalii paartiileen Islaamotaamuraasni aadaa, beekkumsa fi xiinxallaa gara

wantoota aangoo siyaasaa isaanii cimsataniiittiin jijjiiruuf godhaniidha jedhu. Kanaaf gareeleen kun yaada Beekkumsa Islaamessuu kana akka gorsa yaada dhuunfaa tokkootti malee akka ergaa beekkumsaa fi adeemsa haala jireenyaatti hin ilaalan.

Akkasumas namoonni gariin beekkumsi hawaasni dhihaa qabatanii dhufan hunduu saayinsii (beekkumsa) baay'ee bareedaa fi addunyaa hundaaf ta'u jedhanii ilaaluun itti yaadanii ykn osoo itti hin yaanne faallaa wanta kanaa fudhachuu didu.Gareen Kun hunduu badii, gaarii fi ofittummaa qaba. Keessattuu yeroo waan argame hundaa amantiin wal-qabsiifnee Islaamessuuf deemnu, yeroo Islaamummaan waan hunda of keessatti qabata, biyyattii fi hawaasa biyyattiis, beekkumsa jiruu duniyaas, hawaasummaa fi haala jireenyaa hunda qaba jechuudhaan shaakallii beekkumsaa fi hiikkaa isaa hunda Islaamota qofaaf laannee, garee Maarkistootaa, Liinotaa, Sekolaaristootaa fi gareewwan biroo kanneen biyya Muslimaa keessa jiraatan mirga isaanii yeroo irraa mulqinu, wantoota isaan dalagan hunda keessatti kuni Islaamummaan wal-hin qabatu jennee yeroo dhiibnu badoomnnii fi ofittummaan kun kan mul'atu. Kana caalaa sammuu namoota dhimma kanaaf yaaddayanii keessa Kan yaa'e hin jiru.Akkasumas yaada fi kaayyoo isaanii keessa kana caalaa Kan galfatan hin jiru. (1)

Dhimmoonni (dhiphinni) akkanaakun, yaada mana barumsichaa (Beekkumsa Islaamessuu) keessa hin jiru.Manni barumsichaa Kun dhimma kana wantoota adda isa godhan Kan

akka beekumsaa, adeemsaa, karaa fi haarawoomsa yeroo kamiyyuu dagachuu hin danda'u. Dhimmoonni armaan olitti nu dubbanne kunniin waggoota dheeraa booda malee dagaaganii hin ilaalchan. Beekkumsi haaroomaan Kun wantalafaa ka'anii bu'uureffama fi hundeen isaa kana jedhanii labsanii miti, yookiin sagantaa qaama siyaasaa tokko qofaaf dhiyaateemiti. Beekkumsi haaroomaan kuni mallattoolee akkaataa beekkumsa itti horatanii ta'ee, beekkumsa sammuu Muslimaa irra deebi'ee ijaaruuf kan gargaaru, hawaasni Muslimaa kun rakkinna Xiinxalluu uummata isaa keessa jiruuf guutuu addunyaa keessa jiru furuu keessatti ga'ee akka qabaatu, akkasumas rakkinna beekkumsaa, akkaataan haala jireenyaa fi fedhiidhaan dhugaa wanta tokkoo beekuufi shaakallii godhuu irratti yaada furmaata kennuuf tattaafatuudha.

Namoonni dhimmi Kun isaan yaaddessu, adeemsa beekkumsa horatuu Kun, sadarkaalee qaroominaa keessaa isa baay'ee xaxaa ta'ee fi hidda godhatee gadi dhaabachuuf dhaloota hedduu fi waggoottan hedduu Kan fudhatu ta'uu isaa Ni beeku. Beekkumsi dhaabbachuu hin beeku, namoota baay'ee beekkumsaan cimoo ta'an hunda irra Kan isaan caalaa beekutu jira.Waaqa fi dachii tana sirritti beekuun yeroo hundaa babal'ataatuma deema, akkasuma beekkumsi dhalli namaa qabus dabalaa kuufamaa deema. Rabbiin guddaan yeroo hundaa waa uumaadha.

Kanaafuu bocni fi bu’uurri beekkumsaa mataan isaatuu akkaataa haala jiruuti. Kanaafi, ergaan amantii Islaamaa akkaataa haala jireenyaa bifa walii galaatiin kan ibseef, amantiin Islaamaa haala jireenyaa kutaa kutaan gadi bu’ee kan ibse wantoota dhaabbatoo ta’an qofa keessatti, isaanis wantoota haaroomuu yookiin jijjiiramuu hin qabne, wanta gocha yeroo muraasa fi iddoo muraasa qofatti hojjatamuun wal-hin qabanne qofa, wantoonni akkanaa kunis hedduu muraasa. (2)

Hordoftoonni mana barumsa kanaa muraasni yeroo yaada Beekkumsa Islaamessuu kana ibsuuf yaalan, hiikkaa waan hunda of-keessatti qabatu fi kan hiika biraa ofitti hin fudhanne godhanii hin ibsine, hanga tokko wanta sammuun namaa fudhattu tokkotti fakkeessanii hiikuuf yaalan malee, akkuma Dr. Imaaduddiin Kaliil yaada Beekkumsa Islaamessuu kana hiikuuf yaaletti: Beekkumsa Islaamaa ykn Beekkumsa Islaamessuu jechuun gochoota beekkumsaan wal-qabatan yeroo argatan, yeroo walitti qaban, yeroo hundee isaatti galchan fi yeroo maxxansan (raabsan), bifa ilaalchi Islaamaa Hawaaf qabu, dhala namaatii fi jiruu isaatiif qabuun walitti qindeessuun shaakallii godhuudha(3) .

Barsiisaa Abul Qaasim Haaji Hamadkan jedhaman immoo akkanatti hiikan: “Beekkumsa Islaamessuu jechuun hariiroo jidduu gumaacha saayinsii, qaroomina dhala namaa fi yaaddan falaasamaa namaan bocamanii jiddu jiran hiikuu fi Saayinsiiwwan kanniin adeemsa seera amantii keessatti dhimma

itti bayuudha" jedhu. Beekkumsi Islaamaakun isa biratti saayinsii qabatamaa (hojiin mirkaneessan) fi seerran saayinsii Islaamessuu jechuudha. Kunis kan tahuu danda'uun, wal-fakkeenya jidduu Saayinsii uumamaa fi saayinsii argamiinsaa jiru, kan safuu isaairratti amantiin bu'uureffame qayyabachuudhaani. Bifa Kanaan falaasama saayinsii haala lafa kaa'iinsa dhala namaa irraa dhiisanii, boca isaakan hawaan wal-qabate, Kan argama fi sochiilee hunda keessa Rabbi hin jiru jedhu Sana sirreessanii Islaamessuun ni danda'ama.

Abul-Qaasim akkuma hordoftoota mana barumsa kanaa fi akkuma namootabiraatti wanti inni raggaasisu, Beekkumsa Islaamessuu jechuun qorannoolee saayinsii namaa fi Hawaasaatti jechoota muraasa qofa kanneen Qur'aana irraa fudhataman itti dabaluu osoo hin taane, adeemsa ykn beekkumsaa fi saayinsiilee kanneen irra deebi'anii bocuudha jedha. Akkasumas wanta hunda keessatti aantummaa amantiin dhimmicha saniif qabu irraa fuudhanii (mulqanii), gumaacha qaroomina dhala namaa kanaaf seera-qabeessummaaamantii laatuuf miti. (Ergaa fi jechoota amantii of-keessatti hammata jedhanii amantummaa irraa fuudhuu) [(4).]

Hiikkaaleen kuniifi kanneen biroos kan kaayamaniif: dhimmicha sirritti ifa baasuu, mallattoolee fi amaloota isa adda godhan beekuuf malee, akka namoonni gariin jedhan hiikkaa waan hunda of-keessatti qabatu, kan dabalata hin fudhanne jechuu miti. Nuti kan filannu yaanni Beekkumsa Islaamessuu

jedhu kun hiika cufaafi dabalata hin fudhanneen akka hin tanedha.Wanti hiikni isaa murtaa’ee fi dabalata hin qabaanne yoo jiraate: yaada beekkumsa tokkummaa Rabbii, kan uumaan kun Rabbii tokkicha qofa qaba jedhu, Rabbiiwanti kamiyyuu isatti hin fakkaanne, uumaa waan hundaa kan tahe, danda’aa waan hundaa kan ta’e, kan ijji namootaa isa hin argine, isatu isaan arga malee, kan sammuun waan akkanaati jettee tilmaamuu hin dandeenye, kan qayyabannoon kamiyyuu waa’ee isaa irratti qayyabannaa guutuu hin kennineedha. Rabbiin ilma namaa kana lafa kana dhaalchisee, wanta inni hin beeyne isa barsiisee, wahyii (ergaa Rabbi irraa gara ergamaa isaatti dhufu) bu’uura namni ittiin isa beeku godhee, uumama jiru kana immoo kan wahyiin wal-fakkaatu godhedha.Kanarraa ka’uun uumama kana gama tokkochummaa Rabbiitiin wal-qabsiifnee yoo ilaalle, beekkumsa sirrii fi qajeelaa arganna.Innis tokkochummaa Rabbii beekuu, itti fayyadama qabeenyaa fi qaroomina, amaanaa fi bakka bu’ummaa Rabbiin namaafi lafa kana irratti kenne beekutti nu geessa.

Kana irraa ka’uudhaan kan yaada fi seerota kana dhiyeessuu dandeenyeef, kuni mallattoo bal’ata/ dirree hojii tokko keessatti hojjannu fi tarkaanfiilee namoonni Beekkumsa Islaamessuu kana irraa fayyadamuu barbaadan oomisha barnootaa fi beekumsa isaanii akka ilaalcha barnoota islaamesuu nu jenne kanatti fayyadamoo fi tajaajilamoo ni ta’an jennee waan amanneefi.

Mallattoolee fi tarkaanfiileen kun kan argaman muxannoolee fi shaakallii gara-garaa Beekkumsa Islaamessuu kana irratti gama xiinxallaa fi adeemsaatiin godhameeni. Qabxiilee jahan armaan gaditti dubbachuuf deemnu kan irratti qorannoo adeemsisuun, seerota kana raggaasisuu, yaada isaa sirritti ibsuu, gama yaadaa, qu'annoo fi gama barsiisuutiin yaanni kun hojii irra ooluuf mijaawaa ta'uu isaa qorachuu keessatti ga'ee guddaa akka qabu shakkii hin qabnu.Kanaaf namoota qabxiilee kana irratti qorannoo gaggeessan hunda irraa yaada fi cuunfaa firii irra gayanii akka nuuf qoodanii fi hagam takka dhimma kana irratti qabxiileen kun rakkinna jiru furuuf ga'ee qaban akka nuuf laatan isaan irraa abdii qabna.

*Rabbi kan waan hunda nama qunnamu fi kan karaa sirrii ta'etti nama qajeelchuudha…*

## 3- Dhugammaa Beekumsa Islamessuu Fi Barbaachisummaa Isaa

BeekkumsaIslaamessuun kuni, amantii Islaamaa keessatti yaada (xiinxallaa) fi beekkumsaa bakka bu'a. Islaamummaan kun abbaa nabiyyoota hundaa kan ta'an Ibraahiim (*Nageenyi Rabbii isaan irratti haa jiraatu*) irraa eegalee dhuma Nabiyyootaa kan ta'an Muhammadiin- nageenyi Rabbii isaan irratti haa jiraatu- goolabame.Kan jalqabni ergaan Rabbiin isa irratti buusee jecha "*Dubbisi*" jedhu tahe… fi dhumni ergaa immoo "*Har'aan tana amantii (diinii) keessan isiniif guutee*

*jira*” jedhuudha. Kutaan beekkumsaa amantiiIslaamaa keessatti hiika bal’aa waa heddu of-keessatti qabatudha. kan jalqabni isaa jecha Rabbii guddaa ta’e: Rabbiin akkana jedhe;

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ العلق (1-5)

*“Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi, maqaa Rabbii dhala namaa kana gumaa foonii irraa uumeetiin dubbisi, maqaa Rabbii kabajamaa ta’eetiin dubbisi, kan ilma namaa qalamaan waa barreessuu barsiise, kan ilma namaa wanta inni hin beeyne isa barsiise …” ( Alaq: 1-5),*

ammas Rabbiin akka jedhe:

نٓۚ وَٱلۡقَلَمِ وَمَا يَسۡطُرُونَ ١ سورة القلم (1)

“Qalama *(isaan waa itiin barreessanii) fi waan jarri barreessaniin kakadhe*” ( Al-qalam:1-2),

ammas Rabbiin akka jedhe:

ٱلرَّحۡمَٰنُ ١ عَلَّمَ ٱلۡقُرۡءَانَ ٢ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ ٣ عَلَّمَهُ ٱلۡبَيَانَ ٤

سورة الرحمن (1-4)

“*Rahmaan (Rabbiin) Qur’aana nama barsiise, ilma namaa uumee, ibsuu isa barsiise*” (Al-rahmaan:1-4).

Nuti waa lama wal-bira qabnee dubbisutti ajajamnee jirra. Tokko kitaaba Rabbiin of-biraa gadi buuse, kitaaba wanti hundi keessatti ibsame. Kitaabni lammataa immoo, wantoota

Rabbiin uume hunda ykn hawaa dha. Kitaabota kanneen lamaan addaan baasnee yoo dubbisne, beekkumsa qaroomaa qorachuu fi argachuufis gahaa nuuf hin ta'u. Beekkumsi qaroominaa kun kan galmaayu, kan dhaloota irraa dhalootatti dabru, isa dhaloonni sirritti qayyabachuu fi hubachuu danda'u, dhimma isaa addaan baasee beekee ummata biraaf kan dabarsu, akka isaan itti gaafatamummaa lafa tana irratti bakka buufamaniif bayan, amaanaa isaanitti kenname akka galmaan gayan, dachee kana sirritti kunuunsanii akka irraa fayyadamaniif, guutumaan guututti amantii Islaamaa keessa akka seenaniif, akka lafti tun amantii Kanaan bareeddu qajeelluma fi amantii dhugaa akka ifa baasaniifi.

wanti Rabbiin guddaan namaa fi Jinnii uumeef isa gabbaruun akka fiixa bayu godhuuf, urjiileen, mukkeenii fi uumaan hundi Rabbiif mataa gadi qabachuun, uumaan hundi Rabbi qulqulleessuu isaanii kan hubannuun dubbisa lamaan wal-bira qabnee yoo dubbisneedha. Rabbiin akkana jedha:

وَإِن مِّن شَيْءٍ إِلَّا يُسَبِّحُ بِحَمْدِهِۦ وَلَٰكِن لَّا تَفْقَهُونَ تَسْبِيحَهُمْ ۗ إِنَّهُۥ كَانَ حَلِيمًا غَفُورًا ﴿٤٤﴾

سورة الإسراء (44)

"*Isintu (akkaataa) faarsuu isaanii hin beeyne malee Wanti (uumama kana irraa isa (Rabbiin) hin faarsine hin jiru,*" (Al-Isra'a:44).

Yeroo rakkinni wayii jireenya ilma namaa kana keessatti mul'atu, sababni isaa seerri dubbisuu keenyaa akka sirrii hin

ta'in yookiin dubbisa lamaan keessaa isa tokko qofa dubbisuu keenyaaf qaawwi jireenya keenyairratti Kan argame ta'uu mallattoo ibsuudha. Yookiin immoo kitaabota lamaan wal-biratti qabuun dubbisuu dhabuu yookiin daangaa Rabbi Daangesse bira tarkaanfachuu, yookiin karaa sirrii ta'e irraa maquu keenya mallattoo ibsuudha.

Rabbiin akkana jedha;

لِكُلٍّ جَعَلْنَا مِنكُمْ شِرْعَةً وَمِنْهَاجًا ۚ ﴿٤٨﴾ سورة المائدة (48)

"*Ummata hundaafuu shari'aafi karaa (isaan irra deemuu qaban) gooneefi jirra*" (Al-maa'idaa: 48).

Si'a kana dhimmicha yookiin rakkina kana furuun Kan danda'amu, dhimmoota bakkeelee isaanii kan sirrii ta'etti deebisuufi dubbisa lamaan wal-bira qabnee dubbisuudhaani. Dubbisni lachuu utubaa beekkumsaa fi wanta irraa ka'ekan irra dabruu fibakkee kennuufi dhabuun hin taane qaba, ijaarsa sirrii ta'e dhaabuu fi qaroomina cimaa hundeessuun gonkumaa dubbisa lamaan wal-bira qabnu malee hintahu. Namni dubbisa jalqabaa (dubbisa Wahyii) bira kutee, kan lammataa(dubbisa Hawa (uumama naannoo isaa) qofa dubbise, hariiroo Rabbii waa hunda uumee waliin qabu dhabee jira, akkasumas lafa kanarratti bakka buufamuu, amaanaa bakkaan gayuu, waan lafa kanarratti dalagu irratti mindeeffamuu, badiifi balleessaa lafa kana irratti dalaguun adabamuu miira(yaada) jedhu irraa qullaa ta'a.

Fedhiin addummaa fi olaantummaa jallinatti Nama geessuu isa keessatti uumama, yaanni akka inni falaasama isaa kan bakkaan isa hin geenne qofa irratti hundaa'uu isa keessatti uumama, si'a kana yoo guddate kan inni itti fakkeeffamu warra Rabbiin jedheen keessa oola. Rabbiin akkana jedhe:

يَعۡلَمُونَ ظَٰهِرٗا مِّنَ ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَهُمۡ عَنِ ٱلۡأٓخِرَةِ هُمۡ غَٰفِلُونَ ٧ سورة الروم (7)

"(*Zaahira) irra duniyaa kana ni beeku, garuu dhimma booddee (aakiraa) irraa dagattoota"* (Al-room:7).

Yeroo hedduu ilma namaa kun, yaada "gaaffii walii gala" jedhuufdeebii gayaa hin argatu, wanta miira isaa jalaa dhokate hundayyuu wanta dhokataa qayyabachuun hin danda'amne jedhee hiika, sirritti ibsuu hin danda'u. Inumayyuu deebii sirrii hin ta'in kan Rabbi biraa hin bu'in deebisuun nama jallisee karaa dabarsa.

Namni gariin kan dandeettiin argaa fi yaaduu isaa hedduu gabaabaa tahe, Rabbii guddaa uumaa fi argaa waan hundaa ta'eenuu wanta wallaalamaa beekuun hin danda'amnedha jedhee deebisa. Akkasumas, Rabbiin uumama kana yeroo uumu jalqaba erga uumee geese booda, dhimma isaa guutumatti irraanfatee, hawaa qofatu isa irratti humna godhatee akka inni tattaafatu godhe jedhee itti amana. Namni akkanaa kun iimaana fi amantii qabachuu irratti, Rabbii tokkocha fi caccabsaa waa hundaa ta'etti amanuu hin danda'u. Rabbii tokkicha namni hundi isatti dhimmu, kan hin dhallee fi hin dhalchine, kan homti kamiyyuu

isa hin ginnetti hin amanu. Namoonni akkanaa kun kan isaan itti amanuu barbaadan waaqa ofii akka fedhanitti suuraa isaa bocanii, dandeettii uumaa kana sochoosuu qaba jedhanii moggaasaniif qofatti.Iimaanni akkanaa kuni kan shirkiifi dhagaaf mukatti amanuun wal-qabatee fi yeroo garii gara qabeenya duniyaa tana qofatti amanuutti nama geessudha.

Namoonni duniyaa qofatti amanan kunniin immoo guutumattuu Rabbi hin jiru jedhanii mormuun, bakka Rabbii waan sammuun namaa fudhachuu hin dandeenye bakka buusuun nama gowwoomsu, akka fakkeenyaatti yaada dagaagina uumaa, yaadaguddinaa fi kkf., namoonni kunniin yaadota kanniin bakka Rabbii guddaa buusan, Rabbi waan isaan itti fakkeessan irraa qulqullaaye. Yeroo garii ilmi namaa kun Rabbii (gooftaa) isaa ofumaa filataayyu, si'a garii waan jaalatu wayii, si'a kaan immoo waan kajeelu, yeroo garii waan sodaatu fa'atti fakkeesseeitti amana.

Bifa Kanaan uumama naannoojiru kana qofa dubbisuun, uumamni kuni bifa humnaan wal-wal'aanuu fi wal-mormuu fudhata, yeroo hedduu ilmi namaa kun gooftaa (Rabbiin) of godhee of ilaala, sababa ilaalchi fi amantiin isaa rakkinna qabuuf, waan hundayyuu beekkumsuma isaa xinnoo tanaan too'annaa isaa jala waan oolche se'ee of-tuula, Rabbii isaa fedhii isaa godhata, safuu isaa kan fudhatu uumamuma kana irraayi, amantiin isa biratti gara wanta yeroo itti hajaman qofa

dhimma itti bayaniitti jijjiirama, jechi Rabbii tun isarratti dhugaa taati:

كَلَّآ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَيَطۡغَىٰٓ ٦ أَن رَّءَاهُ ٱسۡتَغۡنَىٰٓ ٧ سورة العلق (6-7)

(*ilmi namaa kun jallataadha, Yoo duroomee arge*) (Al-Alaq:6-7),

Jallinaa fi irrummaan isatti dhagayamti, si'a kana balaan naannoodhaa uummama, faalamni fi badiin badhee, galaana fi qilleensa hunda waliin gaha, sababaa badii namni harka ofiitiin dalageetiif jecha. Si'a kana wantoonni hunduu bakkee ofii gadi dhiisu, dhibbileen karaa sirrii irraa maquu fi hawaasa irraa adda bayuu ni babal'atu, ardiilee gariin beelli itti bu'uu fi tasgabbii dhabuuf saaxilamu, ardiilee hafan immoo dhibeelee fi yakkoota adda addaatiif saaxilamuun haalli jireenyaa hedduu jibbisiisaa fi dhiphaa ta'ee argama: rabbiin akkana jedhe;

وَمَنۡ أَعۡرَضَ عَن ذِكۡرِي فَإِنَّ لَهُۥ مَعِيشَةٗ ضَنكٗا وَنَحۡشُرُهُۥ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ أَعۡمَىٰ ١٢٤
سورة طه (124)

(*Namni kitaaba kiyya irraa gar-gale, duniyaa kana irratti jireenya dhiphaa ta'e jiraata, guyyaa qiyaamaa immoo jaamaa ta'ee kaafama*) (Xaahaa: 124).

Dubbisa lammaffaatti xiyyeeffachuu dhiisuun immoo, Hawaa (uumama naannoo) keenya jiru qofa dubbisnee dubbisa jalqabaa Kan wahyiitiin wal-bira qabuu dhiisuun ykn wahyii qofa hubatanii Hawaa (uumama naannoo) kan Rabbiin uume xiinxalluu dhiisuun qaawwa guddaa uuma, hanga guutumattu

jiruu duniyaa kana irraa baqatuutti nama geessa. Kun immoo dandeettii namni waa ijaaruu, gumaachuufi qaroomina fiduuf qabu hir'isa.

Akkasumas, dirqama amaanaa bakkaan gahuu fi itti gaafatamummaa bakka bu'ummaa Rabbiin namaaf kennee kan akka dachee ijaaruu fi misoomsuu kana hir'isa. akka inni qananii Rabbiin namaaf ooletti hin fayyadamne isa godha, dandeettii xiinxalluu isaa dadhabsiisa, kabaja hojiin isaa qabu jalaa dhoksa, inumayyuu hojima isaatuu kan gatii wayiituu hin qabne taassisee akka namni kun homaa hojjataa hin jirree fi jireenyi isaa kun hiika wayiituu hin qabaanne itti fakkeessa, kuni hunduu adeemsa seera Qur'aanaa fi ergaa Ergamaa Rabbii (nageenyi fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatu) guutumatti kan faallessuudha.

Hawaa (uumama) ofii sirritti dubbisuu dhabuun ykn immoo dubbisa isa jalqabaatiin wal-bira qabanii dubbisuu dhiisuun miidhaan inni fidu kan armaan olitti jenne kana qofaa miti. Namni qaroomina qabu mul'atuu dhabuu fi gara human namaa gufachiisuutti geesssa. Akkasuma gara walitti makamiinsa jidduu dhimma addunyaa arginuu fi isa dhokataatti geessa. Namoonni dubbisa jalqabaa qofa irratti xiyyeeffatan tokko tokko akka yaadanitti, Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqulleessuun Kan argamuun: hanga hojiin namni hojjatu gatii isa biratti dhabutti, fedhiin fi filannoon namni tokko waa

hojjachuu fi filachuuf qabu hanga dhabamutti, wanta gaarii kamiyyuu hojjachuu irraa hanga qulqullaayutti jedhanii yaadu.

Nama Muslimaas ta'ee Muslima hin ta'in barreeffama warraoota dubbisa kana yoo dubbisee ilaalee yaaddan isaanii keessatti wantoota hedduu nama dinqisiisan arga.Hojii namaa fi hojii Rabbii walitti makuu, fedhii namaa fi fedhii Rabbii walitti makuu, mirga namni fedhaa fi filannoo isaatiin waa hojjachuuf qabu fa'a walitti maku. Akkasuma bu'aa fi sababa waan tokkoo kan walitti makamu argina.

Kanaafuu jidduu dubbisa lamaanii walitti qabanii dubbisuu fi hubachuun dirqama: dubbisa wahyii fi dubbisa uumama Rabbii wal-bira qabanii, akka namni Gama tokko qofa hin qabanne godhuun dirqama. Kanarraa ka'uudhaan, beekkumsi Islaamaa dirqama beekkumsaa fi dirqama qaroominaa Kan rakkooleexiinxallummaa ammayyaa yeroo ammaa kana addunyaa muudate keessaa ittiin baanu ta'ee argame. Qaroominni biyyoota dhihaa erga adeemsa Xiinxallaa isaanii Gama saayinsii irratti godhaniin booda, rakkinna isaan qunname keessaa tokko, boca bifa qaroominaa fi beekkumsaa daangessuudha. Kanumarraa ka'uudhaan Maarkisizimiin Kan argameef boca qaroominaa kana Gama qabeenyaatiin wal-qabsiisee bocuuf ture, garuu Maarkisizimiin kunis osoo warroonni Dhihaa furmaata gahaa hin argatin sababa kufiinsa Soofeetiitiin kufuuf deema. Kanaaf qaroominni biyyoota Dhihaa boca bakka bu'aa ta'e osoo hin argatin, hayyoonni isaanii

gaafilee dimshaashaa (dhumaa) gaafatamaniif deebii kennuu osoo hin danda'in hafee jira.

Rakkinni nu Muslimoonni qabnu immoo, hedduu cimaa fi yaaddessaadha. Sababa olaantummaa fi jiddu-galeessummaa biyyoota Dhihaa jala jirruuf rakkinna addunyaa qunnaman keessattis qooda ni qabna, akka namoonni gariin se'anitti hariiroon nuti isaan waliin qabnu hariiroo gabaabduu miti.biyyoonni dhihaa kun sababa duula aadaa fi xiinxallaa isaaniitiin Muslimootaa fi addunyaa hundarrattuu godhaniitiin, olaantummaa isaanii gama adeemsa ittiin bulmaataatii, gama ilaalcha saayinsiin argamaa fi sosocho'iinsa uumama naannootiif qabaniin, gama ilaalcha seenaa, beekkumsaa, aadaa, qaroomina, gama yaada diinagdeen guddachuufi duubatti hafiinsaaf qabaniin addunyaadhuunfachuufi weeraruu danda'anii jiru.

Beekkumsi Islaamessukan nuti rakkinoota nu qunnaman: dandeettii yaaduu, beekkumsaa fi rakkinoota addunyaa qunnamaniif furmaata ta'a jennee yaannu maali? Akkamitti yaada kana fiixa baasuun danda'ama?

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalletti, Beekkumsi Islaamessu kan fiixa bahuun; kitaabota lamaan wal-bira qabuun dubbisuu, qayyabachuu fi karaa qorannoo fi qu'annoo keenya ittiin adeemsifnu yoo bocne qofa. Kitaabonni lameen kunis Wahyii dubbifamuu fi uumama Rabbii Kan nu marsee jiruudha. Qur'aanni kabajamaan gara uumaa Rabbiikan nu marsee jiru

xiinxalluutti nu qajeelcha, uumamni nu marsee jiru kunis, akkasuma Gama Qur’aana Rabbii hubachuutti nu qajeelcha.

Isa kana Kan nuti itti yaamnu (kitaabota lamaan waliin dubbisu), innis dubbisa yeroo Wahyii dubbisnu Hawaa (uumama naannoo) hubachuu, qorachuu fi qayyabachutti nu geessu fi dubbisa Hawaa (uumama naannoo) kana xiinxallinee Wahyii (ergaa Rabbiin Gama ergamaa isaatti buuse) qayyabachuu dandeennuudha. Kaayyoon guddaan Wahyii dubbisnuuf, wanta dimshaashaa irraa gara kutaalee wantootaatti gadi buunee wanta gadi dhiifamee kaayamee fi wanta wayiin wal-bira qabamee haasayame/ibsame hanga sammuun namaa qayyabattetti walitti hidhuun wal-bira qabanii ilaaluun, wahyii bifa dimshaashaatiin bu’e san gara bifa dhugaa lafarra jiruutiin (kutaalee wantootaatiin) walitti hidhuudha.

Hawaa (uumama naannoo) Kan nu marsan kana dubbisuun, kutaalee wantootaa kan wanta wayiin wal-bira qabame irraa hanga dandeettiin kutaa sammuu namaa qayyabatteen gara wanta dimshaashaa jedhameetti ce’uudha. Kanaaf jecha, dhibeen wal-simachuu dhabuu Kan namoonni gariin jidduu wahyii fi beekkumsa Hawa (uumama naannoo) qayyabachuu jedhan soba ta’ee argama. Isuma kana kan Suuraa Alaq irraa qayyabachuu dandeennu: rabbiin akkana jedha:

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ٤ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ
مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ سورة العلق (1-5)

“*Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi, maqaa Rabbii dhala namaa kana gumaa foonii irraa uumeetiin dubbisi, maqaa Rabbii kabajamaa ta’eetiin dubbisi, kan ilma namaa qalamaan waa barreessuu barsiise, kan ilma namaa wanta inni hin beeyne isa barsiise* ” ( Alaq: 1-5),

Yoo dubbisni lamaan bifa wal-bira qabiinsa fi walitti fidiinsaan hin dubbifamne ta’ee, rakkinoota armaan olitti dubbatamanitti dabalamee, adeemsi beekkumsa dhala namaa kun, rakkinoota ciccimoo lamaaf saaxilama: Namoonni dubbisa jalqabaa qofa qabatan, yaada gama dhugaa lafa irra jiruu kana sammuu isaanii keessaa kuffisu, amantii akka waan barumsa hafuuraa qofa ta’eettifudhatu, amantiinwaa fiixaan baasuuf sababa gahaa gochuu fi seerota sochii uumaa hunda akka waan dhabamsiisuutti qayyabatu, seerota hawaasummaa, seenaa fi diinagdee namoonni irratti jiraataniitiif bakkee dhabuu, kuni immoo dhuma irratti akka namni yaada cufamaa sochiin hin deeggaramne kan taateewwan yeroodhaan herreega keessa hin galchineen  akka dhiphatu isa godha.Waan amantii irra jiru of-se’a; dhugumatti inni amantii irra hin jiru.

Namoonni dubbisa lammaffaa qofa irratti xiyyeeffatan immoo, Rabbii uumaa waan hundaa ta’e kana jiraachuu isaa mormu, kana bira dabruun adeemsuma keessa gara xiinxallaabeekkumsaanamaan bocamee,kan boca qaroominaa irratti hubaatii qabuutti dabu.Hubaatiin (fashaliinsi) qaroomina biyyoota dhihaa ammayyaa irratti argine, kan amma ilaalaa jirru

kun kan argameen, wanta Rabbi nama jalaa dhoksef bakka kennuu dhabuun yookiin jiraachuu Rabbii mormuu isaaniitiini. Gochi kun immoo gara kabaja waan hunda irraa fuudhuutti isaan geese. Kanaafuu, biyyoonni dhihaa yeroo ammaa kanaa gara kufaatii fi dhabamaatti dhiyaachutti jiru.Sagaleen waa'ee dhumaa haasayu gar-malee ol-ka'aa dhufee jira… dhuma seenaa ..dhuma qaroominaa…dhuma guddinnaa…dhuma ammayyummaa… dhuma dhala namaa fi kkf irratti hedduu haasayama.

Haala Kanaan dhalli namaa, barnoota amantii(hafuuraa) fi yaada namni ofiinboce jiddutti qoqqoodamee ciccitee hafa dubbisni jalqabaa bifa barnootni amantii wanta dhokotaawaliin qabu dhabamsiisa. Garuu barnoonni amantii jidduu wanta dhokataa (geeybii) fi dubbisa lammataa walitti hidha.kana jechuun dubbisni kunis, dubbisa mata-duree irratti hundaa'e fi kan qalamaan galmaaye yoo ta'eedha. akkasuma, dubbisa mata-dureen wal-qabate kanas, dubbisa jalqabaatiin walitti hidha (dubbisa wahyii qayyabachuutiin), bifa lachuunuu namni Rabbi dachii kana irratti bakka buuse ilma namaati, sababa inni wahyitti amanee, uumaa Rabbii kan naannooisaa hubachuuf yaalii godhee, seerotaa fi akkaataa sochii isaaniiqayyabachuuf namadubbisa lamaan kana wal-bira qabee hubate waan ta'eef.

Yeroo ammaa kana, dhalli namaa kun beekkumsa ammayyaa isaanii keessatti rakkoo hedduu qabu. Sunissababa rakkinna jidduu haala baruu fi barsiisuu barumsa amantiitii fi

saayinsii Hawaa (uumama naannoo) keenyaa jidduu jiruutiini. Hanga ammaatittuu, dhalli namaa kun gama wanta baratаа tokko akka inni jidduu barumsa lamaanii walitti qabatu isa godhutti hin geenne, ka'umsi kanaas qaroominni dhala namaa inni ammayyaa, adeemsa biyyi dhihaa jidduu saayinsii lamaanii addaan baasuu waan hordofuufi.

Barataan dhimmaWahyii irraa muxannoo qabu, muummee barnoota amantiiseena. Barataan saayinsii Hawaa (uumama naannoo) immoo muummee saayinsii qabatamaa seena. Biyyoota Muslimaa keessattis saayinsii lamaan kana addaan baasuun akkuma jirutti ta'ee argama. Jidduu barnoota shari'aatiifi barnoota saayinsii ammayyaa, saayinsii Hawaasaa, saayinsii waan dhala namaa qoratuu, saayinsii isa jalqabaa irraa adda baafamee laaluutuilaalcha. Kana kan godhaniif siyaasaa biyyoota dhihaatiin waan injifatamaniifi kolonii isaan ummata irratti goodhaniin waan hubamaniifi.

Isa kana kan amantii, beekkumsa fi safuu isaa gar-garakka bayu godhe, kuni immoo nuuf –Muslimootaaf-tarkaanfii biraa qabaata, innis maali yoo jedhame: jidduu barumsa shar'aatii fi saayinsii hawaasummaa akka addaan fagaatan godha, sunis adeemsi namaan bocaman kunniin hariiroo saayinsiiwwan hawaasaa waliin qaban sirritti cimsanii dagaagsanii bifa inni Hawaa (uumama naannoo) qofa waliin deemuu danda'uun bocuun, hariiroo saayinsii amantii (shari'aa) waliin qaban akka dhabamsiisu godha, saayinsiin amantii kunis

gama isaatiin jidduu wanta kitaaba keessatti bu’eeti fi galmee/kuusa jechoota qofa walitti fiduun uumama naannoo, qabiyyee yeroo, bakkee fi amallan ilma namaatii dantaa kennuu dhabuun isaaniis ni ilaalcha.

kuni hunduu ergaalee shari’aa qayyabannaa sirrii ta’e kan adeemsaa fi seera amantii sanii namaaf ibsu, kan murtiilee amantii kana sonaa fi fedhii namaatiin sirritti wal-bira qabuun bifa bareedaa ta’een wal-madaalsisuu dhabuun akka namni hin qayyabanne godhe.Qayyabannaan akkanaa kun immoo hanga dubbisa lamaan wal-bira qabnee dubbisnutti, dubbisa jidduu ergaa Wahyii fi Hawaa (uumama naannoo) keenyatti argamanii kana dubbisa beekkumsaa fi adeemsa/tooftaalee ofii eeggateen yoo dubbisne qofa.

Haalli boca qaroomina biyyoota Dhihaa kan har'a addunyaa kana too’atee jiruu kun, saayinsii hawaasummaa fi namaa kana bifa safuu fi sona wahyii irraa fagoo ta’een bocee kaaye, dhala namaa kanas gara qaama lammataa kan barnoota amantii fi seera namaan bocameetiin wal-aansoo wal-qabatu goodhe. Kun immoo akka namoonni maalummaa isaanii kana gar-malee guddisanii, safuu, sona amantii fi amallan gaarii hundaaf bakkee akka hin qabaanne isaan godhe.Kun immoo dhaloota Libraalistootaa uumee, walitti bu’iinsi gosummaa fi hawaasummaa gar-malee akka diriiruuf haala mijeesse.

### 4- Beekkumsa Islaamessuu: Dhimma Adeemsaa

Dhimmi Beekkumsa Islaamessuu kun dhimma adeemsaati, kan hariiroo adeemsa wahyii fi Hawaajidduu jiru qoratuudha, hariiroon kun adeemsa baay'ee wal-keessa seenaa fi kan wal-guutu, Qur'aanni kabajamaan hagam takka akka uumama naannoo, seeraa fi akkaataa sochii isaa kan qayyabate tahuu kan nutti mul'isudha, akkaataa adeemsa fi seera Hawaabeekuun immoo, seeraa fi akkaataa adeemsa Qur'aanaa beekuu fi qorachuuf nu gargaara. Akkasumas, seera Qur'aana guddaa nama dadhabsiisaa (waa mara injifataa), kan akkaataa Rabbiin Hawaa fi dhala namaa uumamni isaa hedduu nama dinqisiisu itti uume fi akkamitti uumaa isaa akka walitti qabe kan nuuf ibsuudha.

Dhimma beekumsa islaamessuu kana namni bakkaan gayuu danda'u: Nama beekkumsa Qur'aanaa, beekkumsa saayinsii hawaasummaa, namummaa isa ammayyaa fi isa dhaalamaa bifa wal-madaalaa ta'een qabuudha. kun immoo akka inni walitti dhufiinsa seera Qur'aanaa fi Hawaa jidduu jiru hubatu isa godha. Kanaafuu, beekkumsi Islaamaa kun yaanni isaatii fi mallattooleen isaa ifa kan ta'uun qabxiilee jahan armaan gaditti dubbachuuf deemnu kanaani.

## 5- Mallattoolee Adeemsa Beekkumsa Islaamessuu Ibsan:

### Qabxii [1ffaa]: Sirna Beekumsa Islaamessuu Ijaaruu

Kana jechuun qorannoo fi ijaarsa seera tokkochummaa beekkumsaa kan waa lama irratti hundeeffame qorachuu dhaan deebisanii dhaabuudha. Wantoonni lamaan kunis:

1) Seera beekkumsa amantii hojitti hiikuun, gara tole jedhiinsa (obidence) beekkumsaa uumuutti Kan gaaffilee dimshaashaatiif deebii gahaa ta'uu danda'utti jijjiiruudha. Kunis kan tahuu danda'uun, seera beekkumsa Iimaanaa qayyabachuufi gama adeemsa isaa irratti sirritti xiyyeeffachuudhaani.Gama beekkumsaatiin Rabbii tokkichatti amanuun, maleeyikaa Rabbiitti amanuu, ergamtoota Rabbiitti amanuun, kitaabota Rabbi biraa buufamanitti amanuun, guyyaa dhumaatti amanuun, Qadara (waan dur Rabbi namaaf murteessetti) gaarii fi badaa isaattis amanuun(tole jedhanii fudhachuun) maaliif fayyada? Ergaan/qajeelchiseera adeemsa kanaa maali? Akkamitti saayinsii fi qaroominni hunduu yeroo bu'uureffaman Hawaa kanaaf gaafilee armaan gadii irratti akka ilaalcha tokko qabaatan taasisna. Hundeen argama kanaa maali? Kaayyoon uumameefhoo? Akkamitti hawaa kana beekuun danda'ama? Wantoonni bu'uura walitti qabama isaa ta'an (Kan mul'atu fi Kan arguu hin dandeenye) maal akka ta'an irratti namootni hunduu ilaalcha wayii akka qabaatanakkamitti amansiisuu dandeenya?

Kanafuu Rabbi jiraachuu mormuun ykn jiraachuu fi dhiisuu isaa irratti yaada qabaachuu dhiisuun, akkasumas seerummaan kamiyyuu, kan seera beekkumsaa kana faallessan seera iimaana irraa burqeen walitti bu'a.kana irraa ka'uudhaan yoo sammuun Muslimaa seerota iimaanaa kanniin dhimma amantii dhuunfaati. Akkaataa ani amantii kiyya itti gaggeeffadhuun wal-qabata, adeemsa yookiin beekkumsa kamiinuu wal-hin faallessu jedhee yoo yaade, ilaalchi Beekkumsa Islaamaa-wanta shari'aan yaade fi amaloota ergaa Islaamaa kan adda isa godhan- kan hundaa'u seeronni kunniin walitti-dhufiinsa qaroomina beekkumsaa kan amantiin Islaamaa itti yaamuuf bu'uura.

Akkasumas, dammaqinni guddina diinagdee, qaroominni dachii kana irratti argame fi argamuuf deemu kamiyyuu beekkumsaa fi adeemsa bu'uuraa mataa isaa qabaatu malee hin argamne. Kanarraa ka'uudhaani, amantiin Islaamaa wanta fiixa bayan hunda fiixaan baasuu kan danda'een, ilaalcha fi bu'uura isaa qabxiilee kanniin irratti bu'uureffachuudhaani. Ilaalcha geeybaa (wanta dhokataaf) qabu, ilaalchihawaa (uumama nu marsanii jiraniif) qabu, ilaalchadhala namaatiif, jireenyaafi amantii Islaamaa kan bu'uura ilaalcha kanaa ta'eef qabu irratti hundaa'uudhaani.

2) Hundeen lammataa kan beekkumsi Islaamaa irratti dhaabbatu, fakkeenyota beekkumsaa kan turan, seenaa Islaamaa fi manneen barnoota fiqhii isaa kanneen jaarraalee gara

garaa keessatti argamanii turan qorachuudha. Sunis, jidduu beekkumsa yookiin fakkeenyotaafi jidduu firii (bu'aa) xiinxallaa jaarraalee san keessa argamanii walitti hidhuun hagam takka gadi-dhaabannaan, dandeettiin hojjachuu, haaroomsu fi dimshaashummaan akka jiru beekuufi hariiroo jidduu rakkinna xiinxallummaa ummanni keessa dabreefi fakkeenyota yeroo san heddumminaan jiran wal-bira qabanii ilaaluudha.

Akkasumas, faana (gahee) beekkumsi sun diigamaa fi dagaagina amantaa Islaamaa irratti qabu daangessuuf, Sana booda fakkeenyonni beekkumsa kutaalee seera tokkochummaa isa walii-galaa kan armaan olitti dubbatame irraa hagam takka akka diriirfame hubachuuf yaaluudha. Kana kan godhamuuf, saayinsiiwwan hawaasaa fi uumamaa gara garaa keessatti fakkeenyota beekkumsaa kan aqiidaa (amantii), toowhiidaa (tokkochummaa) rabbii irratti bu'uureffame fi dubbisa lamaan wal-bira qayyabachuu irratti kan hundaa'e ijaaruufi. Dubbisni lamaan kunis, dubbisa wahyii fi dubbisa dhugaa naannoo keenya jiran hubachuuti. Kunis kan ta'uun, fakkeenya beekkumsaa kan hambaalee hedduu qabu fi kan xiinxallaan warroota dhihaa yookiin dhalli ammayyaa dagaagse irraa fayyadamuu waliini.

### Qabxii 2ffaa: Sirna Beekkumsa Qur'aanaa Ijaaruu

Qaawwi (hanqinni) yeroo ammaa kana sammuu Muslimootaa irratti mul'atu kuni, irra deebisanii sammuu Muslimaa kana gama adeemsa ijaarsa beekkumsaatiin

qindeessuun dirqama guddaa ta’eejira. Adeemsi beekkumsa Qur’aanaa kun, seera beekkumsa Islaamaa irraa burqee safuu fi seerota Islaamaa kan fudhatama qabu irratti hundaa’us, garuu yeroo dheeraaf dagatamee turuun isaa ifaajee isa kana ijaaruuf ifaajamu deebisanii ijaaruu caalaa, gara akka haarayaatti deebi’anii qo’achuutti irra dhiyeessa. Adeemsi beekkumsa Qur’aanaa kun, haala sammuu Muslimaa kana waliin hojjachuu fi deebisanii bocuu, rakkinoota seenaa fi ammayyaa nama qunnamaniif furmaata laachuu irratti ga’umsa gahaa kan qabu fi karaa furmaataatti kan nama geessuudha. Kana wanti jennuuf, adeemsa kanatu karaa dhugaatti ittiin gahan, karaa wantoota ittiin qayyabatanii fi gamaaggaman waan ta’eefi.

Adeemsa hojii kana kutaa/ garee seera beekkumsaatti dabalutti aansee, seerri beekkumsaa kunis hundeelee irratti bu’uureffame qaba. Innis *(wanta adeemsaan duraa) "Pre-curriculum"* jedhama. Akka namni barsiisaa Mahmuud Muhammad Shaakir jedhamu moggaasetti, waan adeemsaan duraa kanatti aadaa, afaan, dandeettii uumamaan waa qayyabachuu fi xiin-sammuu nama waa qoratuujechuu barbaade. Adeemsummaan kunuukaraa ykn maloota fi falaasama mataa ofii qaba. Falaasamni adeemsa kanaa; dandeettii waa qayyabachuu, wayitti amanuu fi ijaarsa qaroomina aadaa irraa burqa.

Mallattooleen adeemsa kanaa immoo, akka imaam Al-Suyuuxiin jedhutti “wanta hojjachuuf yaadaniif dhiifamni kan

namaaf hin godhamne caalaa, maloota kaayyoo tokko bakkaan gahuuf hordofaman irratti dhiifamni namaa godhama.”Karaan ykn maloonni ittiin qorannoo tokko gaggeessan, akkaataan wanticha san ittiin hordofanii fi isatti itti dhiyaatan hedduu dandeettii waa qayyabachuu, aadaa fi amantaan wal-gituu baatus, garuu baay’ee wal-irraa hin fagaatan.

kaayyoon adeemsaa Islaamaa ijaaruu kunifalaasama adeemsaa sadarkaalee gara-garaatti jiran ijaaruuf gargaara, maloota Kanaan dura qorattoonni fi beektonni Muslimaa dhimma itti bayan ifa baasuuf oola,akkasumas maloota adeemsa ammayyaa kan addunyaan har’aa itti fayyadamtu kana hubannee, beekkumsa Islaamaa kan amantii, aadaa fi qaroomina Islaamaa bu’uura godhate irraa kaanee akka beektonni ammayyaa itti fayyadamuu danda’anitti hundeessinee, wanta sirreefamuu qabu sirreessinee, irra deebinee bocnee, mallattoolee fi amaloota isa adda godhan hunda akka hubannuuf nu gargaara.

Ijaarsi beekkumsa Islaamessuukun yookiin seera adeemsaa jechuun kanmoggaasnu kun, akka ilaalcha Islaamaatti, kan irratti hundaa’uu qabu beekkumsa qoratame irratti tahuu qaba malee cal’isananiituma adeemsa biyyoota Dhihaa isa ammayyaa irraa adda baasuufi mormuu irratti miti. Ergaan yookiin kaayyoon adeemsa Islaamaijaaruu inni guddaan; walitti dhufeenya jidduu beekkumsa Islaamaa jiru cimsuudha. kunis osoo wal-madaalchisummaa xiinxallaa, walitti dhiyeessuu,

walitti fiduu fi wal-akkeessisuu irratti hin xiyyeeffanne, sammuu Muslimaa keessatti dandeettii waan beekkumsa ta'e hunda shaakaluu fi uumuu danda'uu cimsuudhaani. Akkuma qabxiin jalqaba ibsamee dabre sun qabxii isa ammaa kanaaf bu'uura dirqamaa ta'ee argame, adeemsa akkanaa kana ijaaruun, barbaachisummaa isa jalqabaa fi seensa qabxiilee itti aanutti nama geessuuf karaa kan saaqu ta'ee argama. Akkuma qabxiileen dabran hundi kanaaf barbaachisoo ta'anitti jechuudha.

## Qabxii 3ffaa: Akkaataa Qur'aana kabajamaa kana Waliin Ittiin Jiraatan Ijaaruu

Adeemsi akkaataa Qur'aana waliin itti jiraatan ijaaruu kuni; ilaalcha Qur'aanni bu'uura wantootaa kan yeroo seeronni/adeemsi hin bocamin duraa waan ta'eefi, akkasumas Qur'aanni kun bu'uura adeemsaa, seera tumuu, yaaddan, beekkumsaa fi bu'uura hundeelee qaroomina hundaa waan ta'eefi. Adeemsi akkaataa Qur'aana waliin itti jiraatan ijaaruu kuni roga dhimma beekkumsa Islaamaa jedhu kanaaf utubaa isa 3ffaati.

Dhimmi kuni irra deebi'anii saayinsii Qur'aanaa kana ijaaruufi walitti qindeessuu nurraa barbaada. Akkasumas, beekkumsoota hedduu kan dhaalamaan nu gahan, kan hiikkaa irra Qur'aanaa hiikuu keessatti ga'een isaan taphatan bira kutuu nu gaafata. Arabni duraanii Qur'aana kana akkaataa amaloota

namoota Arabaa kan haalli jireenya isaanii gama hawaasummaatiin hedduu salphaa fi daangeffamaa tahe sanitti qayyabatee ture, yeroo jalqabaaf saayinsiilee fi beekkumsa gara garaa kan hiika Qur'aanaa fi Hadiisa (Himiinsa nabiyyii) bifa seera qabeessa ta'een galmeessuun eegalame sanitti, sammuun baay'inaan kan irratti xiyyeeffataa turte dandeettii afaanii sirritti qabaachuu fi hima kana addaan qoqqooduun hiikkaa jechootaa irratti xiyyeeffatuu ture, sababa saniif qayyabannaan yeroo san argamee fi hiikkaan yeroo san kenname gahaa fi fudhatamaa jedhamee itti amanamaa ture.

Garuu yeroo ammaa kana, xiyyeeffannaan sammuu: adeemsa wantootaa sirritti qayyabachuu, hariiroo adeemsi kun dhimmoota biraa waliin qabu bifa madaalama, bifa qaroominaatiin, hariiroo hedduun walitti hidhuun hubachuudha. Kuni immoo, saayinsiilee hiika Qur'aanaa ibsuuf yaalan san irra deebinee qorachuun dirqama Qur'aana tajaajiluu, dubbisa isaa fi hawaa wal-bira qabnee hubachuu fi hariiroo jarri waliin qaban beekuutti nu geessa.

Akkasumas, Qur'aana kana hiikkaalee tokko tokko kan qayyabannaa isaa dhugoomsuun ulfaataa ta'e irraa qulqulleessuuf gargaara. Hiikkaalee akkasii garii keessatti, hiika Qur'aanaa kan gar-malee sababaa aayaan sun itti bu'e irratti xiyyeeffannaa cimaa kennuun hiiku, walitti hidhiinsi kunis yaada 'jechoota bifa walii galaatiin dhufan, sababa wayiitiin daangessuu dhabuu'jedhu biratti hin dhaabanne, inumayyuu

Islaamiyyootaa fi sekulaaristoota garii biratti kana hunda bira taree gara Qur’aana kana haguuggaa namaa, yeroo fi bakkee inni irratti bu’ee keessa galchutti deeman.Kuni immoo Islaamummaa addunyaa hundaaf dhufte, ergaa fi ergamni Rasuulaa isa dhumaa ta’uu, Qur’aanni kun kan waa ittiin murteeffatan ta’uu yaada jedhuun walitti bu’a.

Yaada Qur’aanni sammuu hundaafuu yeroo fi bakkee kamittis kennaa (waan laatuuf) qaba jedhu faallessa. Qur’aanni dureessa dinqiin isaa keessa jiru hin dhumanne, ibsoonni isa keessa jiru, yeroo fi bakka kamittuu kan dandeettii qayyabannaa sammuu namaatii ol-ta’ee argama. Hanga gaafa Rabbiin dachii fi waan isii irra jiru kana abbaa fedhe dhaalchisutti.Qur’aanni kabajamaan kuni, bu’uura hundeeffama Islaamaati, akkuma isa keessatti dubbatametti, Rabiin akkana jedha:

تِبۡيَـٰنًا لِّكُلِّ شَيۡءٖ وَهُدٗى وَرَحۡمَةٗ وَبُشۡرَىٰ لِلۡمُسۡلِمِينَ ٨٩ سورة النحل (89)

(*Qur’aanni kun ibsa waan hundaati, nama isa dhugoomseef qajeelluma fi rahmata ta’aaf, Muslimootaaf fuul-durri isaanii gammachuu akka ta’e himaaf*) (Al-Nahli: 89).

Sunnaan Ergamaa Rabbii immoo, bu’uura hiikkaa Qur’aanaati.Sunnaan tuni kan dhufteef wantoota Qur’aana keessatti dubbataman namaaf ibsuufi. Rabbiin Qur’aana kana tikaa fi ibsa isaa ofirratti fuudhate waadaa galee jira. Rabiin akkana jedhe;

إِنَّ عَلَيْنَا جَمْعَهُۥ وَقُرْءَانَهُۥ ﴿١٧﴾ فَإِذَا قَرَأْنَٰهُ فَٱتَّبِعْ قُرْءَانَهُۥ ﴿١٨﴾ ثُمَّ إِنَّ عَلَيْنَا بَيَانَهُۥ ﴿١٩﴾ سورة القيامة (19-17)

"*Qur'aana kana nutu qoma kee keesssatti walitti qaba, sana booda yeroo barbaadde ni qaraata, yeroo Jibriil sirratti qara'u, callisii dhageeffadhu, sana booda waan hiikni isaa si dhibe nutu ifa sii galcha"* (Al-Qiyaamah:17-19).

Dachii kana irra bu'uura beekkumsaa, xiinxallaa, aadaa fi qaroominaa ta'ee, Qur'aana malee kan Rabbiin tika isaa ofirratti fuudhee, jijjiirraa fi tuttuqiinsa irraa wabii ta'eef, kan Rabbi ol-aantummaa fi murtii guutuu kenneef hin jiru: Rabbiin akkana jedha:

وَمَا ٱخْتَلَفْتُمْ فِيهِ مِن شَىْءٍ فَحُكْمُهُۥٓ إِلَى ٱللَّهِ ﴿١٠﴾ سورة الشورى (10)

*"Dhimmoota amantii keessan irraa waan irratti walii galuu dhabdan gara Rabbii deebisaa (gara Qur'aanaa fi Hadiisaa*)" (Al-shura: 10),

Qur'aanakana jijjiirraa fi keessaa haqiinsi kan isa hin muudanne ta'uu Rabbi of irratti fuudhe.

Kanaafuu, adeemsa Qur'aana kanatti dhimmi itti bahan, bifa beekkumsaa fi adeemsaatiin saayinsiiwwan uumamaa fi hawaasaa irratti hundeessuun, saayinsiilee kanneen hunda wanta jireenya namaa kana hunda rakkinna keessaa baasu akka isaan qabaatan gargaara. Hariiroo jidduu saayinsiiwwan kanaa fi safuu/sonaa jiran bakka isaa ka duriitti deebisa.saayinsiiwwan kanniin kaayyoo dhugaa fi sababa uumaan kuni uumameef akka

beekan qarqaara. Kunis ta'uukandanda'uun, Qur'aana kanatu saayinsiileen kunniin wantoota isaan hin beekne akka hubataniif qayyabannaa bal'aa horachiisa, adeemsa/seera cimaa akka qabaatu godha, geengoo kutaalee/gar-tokkee wantootaa qorachuu irraa isa baasa, Qur'aanni kun karaa fi adeemsa qajeelluma cufa dhala namaati, akkasumas akkaataa adeemsa sirna, seeraa fi sochiilee hawaa kanaa ibsuu keessattis madda bu'uura beekkumsaati.

**Qabxii 4ffaa: Adeemsa Sunnaa Ergamaa Rabbii waliin ittiin Jiraatan Ijaaruu**

Akkaataa sunnaa ergamaa Rabbii waliin ittiin jiraatan ijaaruun kun utubaalee beekkumsa Islaamaa keessaa isa 4ffaadha. Sunnaan Nabiyyiidhaa hiikkaa Qur'aanaatiif madda waa ibsuu fi hiiku isa jalqabaa waan ta'eef, sirritti dhugaa fi ga'ee sunnaa kana gama ilaalcha adeemsaa Kanaatiin beekuun dirqama.Sunnaa Kanaan ala, adeemsa wanta amantii keessatti karaa godhame/ seera tumame fi bu'uurawwan qaroominaa beekuun hin danda'amu. Akkasumas, sunnaa Kanaan ala ergaa Qur'aanaa qayyabachuu fi hojirra oolchuun hin danda'amu. Gadaan ergamaa Rabbii fi gadaan Sahaabotaa, yeroo kallattiin ergamaa Rabbiitiin (nageenyaa fi Rahmanni isaanirratti haa jiraatu) wal-qunnamuu, isaan hordofuufi waan isaan jedhan yookiin dalaganitti kallattiin itti hidhachuu ture: ((**خذوا عني مناسككم**)) "Akkaataa/seera Hajjii keessanii ittiin raawwattan

(*manaasika keessan*) narraa fudhaa" [6], ((صلوا كما رأيتموني أصلي)) "yeroo salaattan akka anaa salaatu argitan sanitti salaataa" [7].

Ergamaa Rabbiitti hidhatuu fi hordofuun kuni, sochii isaanii kan dhugaa lafarra jiruu irratti irkata.Ergamaan Rabbii nageenyi Rabbii isaanirratti haa jiraatuu- Qur'aana kana akkuma jirutti hojiitti jijjiiruun amala gaarii isaanii irraa ifa godhu, kanaafuu, yeroo sanitti Qur'aana hojirra oolchuufi akkuma inni jirutti hojiin lafarratti mul'isuu keessatti rakkinni hin turre. Ibsi ergamaa Rabbiitii fi Qur'aana hojii irra oolchuu isaanii kuni, adeemsa Qur'aana Rabbii qayyabachuu fi haala jireenya qabatama kan hawaasa yeroo sanii, afaan isaanii, dandeettii beekkumsaa fi yaaduu isaanii, dandeettii Sahaabotaa kan jireenya ergamaa rabbii irraa homa takkaa akka isaan jala hin tarreef futuna guddaa qabaniitiif dabalata guddaa ture. Sababa kanaaf sunnaan ergamaa Rabbii jechoota, dalagaaleefi wanta isaan raggaasisan hedduu of-keessatti hammattee argamti, tokkoon tokkoo sochii isaanii akka beekuu dandeennu kan nu godhe sunnaa isaanii kana, akkamitti akka imalaniifi taa'an, akkamitti akka lolanii fi yeroo nageenyaa akka itti dabarsan, akkamitti barsiisan, akkamitti akka hoogganan, akkamitti murtii akka kennan, akkamitti jireenya namummaa isaanii akka shaakalan bifa sunnaa fi amala isaanii nuuf ibsuun, sunnaa isaanii kana bifa nuu hiikuun, Qur'aanaan akkamitti akka jiraannu kan nuuf ibsu sunnaa kana.

Akkasumas, sunnaan amala qabatamaa yeroo sanii kan ergamaan Rabbii - nageenyi isaan irratti haa jiraatu - keessa jiraataniifi keessa socho'aa turan nuuf ibsa.Dhugaan (jireenyi) battalaa yeroo sanii isa keenya kan ammaatiin wal-hin gitu. Kuni immoo gamaergaa Qur'aanaa (sunnaa) san dhugaa battalaatiin fi akkaataa ergamaan hojiitti jijjiiraa turan saniin wal-bira qabuun akka qayyabannaa keessa galchinu nu godha malee, akkeessii fi akkana jedhamee kutaalee gar-tokkee wantootaa keessa tokko tokkoon gadi bu'anii qotuu miti, adeemsi hordoffii fi itti hidhamuukun, adeemsa akkeessuutiin gara gara.

Sunnaan ergamaa Rabbii –nageenyaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuuqaama (riqicha) jidduu adeemsa Qur'aanaa fi dhugaa battala walitti hidhuudha. Saniifjecha dhimmoota hedduu Sunnaa keessatti dhufan dhugaa qabatamaa irraa adda baasanii hubachuun baay'ee ulfaata.

Wanta hedduu ulfaataa ta'e keessaa; kutaalee wantootaa qofa irratti xiyyeeffatanii, ergaa dhugaa osuu hin hubatin, sunnaa ergamaa Rabbii - nageenyaa fi rahmanni Rabbi isaan irratti haa jiraatuu-hojii irra oolchuu, isaan hordofuu fi faana isaanii irra deemuuf tattaaffii godhuudha. Ergamaan Rabbii nageenyi isaan irratti haa jiraatuu- yeroo suuraa kaasuu fi fakkii waan lubbuu qabuu bocuun dhoorgamaadha jedhan fi namni suuraa kaasu guyyaa qiyaamaa irra Nama ibidda Azaaba keessatti gubatuuti (8) yeroo jedhan, dhoorgaan isaanii Kun, kan

walii galaati jennee qayyabachuun bareeduma. Hunda bocuu/ fakkii kaasuu irraa dhoorkan jechuun; qayyabannaa Nabi Suleeymaan kan Jinnii hunda leenjisee wanta inni barbaade hunda akka isaa bocaniif itti oolu saniin wal-faallessa.

Gaaffilee fi mormiilee ammayyaa tokko tokko, Kan mata-duree kana irratti ka'aniif furmaata hin ta'u, keessattuu namoonni gariin nuti suuraa kana hin gabbarru, yoo kaafne maaliif haraama tahaa? Jedhu. Kanaafuu, murtiin akkanaa kun, kutaa jecha tokko qofa qabachuun furmaata hin tahu, kan ilaalamuu qabu garuu adeemsa walii-galaa kan ergamaan Rabbi jedhan hundaa, kallattii hundaan ilaaluuni, kan akka **((لو لا قومك حديثو عهد بكفر لفعلت وفعلت))** "osoo tuutni/gosti/ kee amantii kanaaf haaraa ta'uu baatanii, silaa akkana akkana fa'a dalaga" (9) yaada ergamaan Rabbii Aayishaan jedhan.

Ergamaan Rabbii- nageenyaa fi rahmanni Rabbi Isaan irratti haa jiraatuu-yeroo yeroo amantaa islaamaatiin duraa namoota amantiif haaraya ta'an dhagaa fi muka gabbaruu fi isa beeksisuu irraa dhoorgaa turan, sadarkaa toowhiidaa/ tokkochummaa/rabbii beekuun, isaan biratti ol-fuudhuu irratti xiyyeeffannaa guddaa Kennan. Kanaafuu dhimmoota kana fakkaatan irratti, garaadeemsa seera-qabeessa tahe kan ibsa gahaa namaaf kennuu danda'u irra gayuu fi dubbisa (qayyabannaa) sirrii tahe kan hiika/ergaa/ sunnaadhaa kutaalee jechootaa wal-dhibaa namoonni hiikni isaa akkana malee akkasii miti jedhanii irratti wal-falman irraa gara adeemsa seera-

qabeessa bal’inna ergaa yaadameetti xiyyeeffatuutti nama geessutti deemuun dirqama.

Ummanni Arabaa gadaa Qur’aanni Rabbi irraa gara Nabiyyiitti buufamu san, yaada ergamaa Rabbii hordofuu fi faana dhayuu irratti xiyyeeffataa turan, ergamaa Rabbii irraa hordoffii hojiidhaanii kan haala jireenya battalaa yeroo sanii waliin deemu fudhatan, hordoffii fi faana dhayuu kana irraa yaad-rimeeleen Ma’asuur (hojii ergamaan rabbi dalagan faana dhayuu) fi Manquul (jecha ergamaan rabbi jedhan irraa waan dhufe) jedhamu dhalate, odeessaan Hadiisaa fi dabarsaan isaa dhimmi yeroo san bu’eefi sababa inni itti bu’e irraa adda baafamee argame, hadiisni (himiini nabiyyii) kun walumaa galattuu akka waan hundee jechoota kan jechoota Qur’aanaa fakkaatuu, isa qayyabachuuf dandeettii afaanii qofa qabaachuun gahaa ta’eetti ilaalame.

Isa kana hir’isuuf yaalii godhameen, namoonni gariin hiikkaa qubee isa jedhamee qofa irratti xiyyeefatamuu osoo hin taane, gara hiikkaa keessaa, hiikkaa akeekkaa fi hiikkaa boca alaa isa ilaalchaatti fuula deebi’an. Kunis rakkinna dabaluu malee homaa hin fooyyessine, wanti silaa godhamuu qaba ture, adeemsa Qur’aanaa fi Hadiisa Nabiyyii kan kutaalee fi dimshaashni wantootaas keessatti karaa qajeela qabatan bocuu ture, gar-tokkeen wantootaa kan qayyabatamuu qabu adeemsa walii gala bocame keessatti, si’a kana ergaa fi yaanni yaadames sirritti ifa galuu danda’a.

Sammuun beekkumsa qabu, sammuu yeroo mara seera beekkumsa wantootaa qoratu, hanga danda'een gara seera/adeemsa guutamaa fi ergaa fagoo qabu uumuutti gayuuf yaalii godha. Adeemsa (seera) kana keessa, sochii xiinxallummaatiif, adeemsi waa madaaluu, mormuu fi waa hiikuu baay'ee gadi-bu'iinsa kan qabu fi kan waan hunda of-keessatti qabatu ta'ee argama. Seera akkanaa Kanaan ergaa Qur'aana kabajamaa fi Sunnaa Nabiyyii qayyabachuun, akkeessaa isa duraanii, yookii hiikkaa dhokataa, yookii immoo yaalii wantoota kana dura hojjataman irra deebi'anii hiikkaa itti kennuuf yaalaman kan garuu isuma duraanii san akka jirutti deebisanii boca isaa qofa jijjiiranii dhiyeessan irraa fagaachuuf nu gargaara, inni kun haaroomsa amma nuti itti yaamnu kana hin fidu (haaroomsa wanta argame Qur'aana bu'uura waa hundaa ta'ee fi Sunnaa Nabiyyii kan bu'uura waan Qur'aana keessatti dhufe hiiktuu taate walitti qabsiisuu qabna jedhu), haaroomsi akkanaa kun kaayyoo amantii haqaa fi qajeelchaa addunyaadhaa jennu san nuu dhugoomsuu hin danda'u.

**Qabxii 5ffaa: Hambaalee Islaamaa qayyabannaa sirrii taheen qayyabachuu**

Kunis ta'uu kan danda'uun, hambaalee Islaamaa kana irra deebinee qorachuu,qayyabachuu fi hubannaa mormii, madaallii fi beekkumsa irratti hundaa'e qabaachuu, qayyabannaa hambaalee keenya kanaaf qabnu geengoolee sadan yeroo ammaa

ittiin waa ilaallu kana keessaa baasuudha. Geengooleen kunis; geengoo waan hunda mormuu, geengoo waan hunda tole jechuu fi geengoo cal jedhanii oduu sobaa uumuu fi fakkeessuuti. Geengoleen sadan kunniin, wanta silaa hambaalee kanarraa beekuu fi itti gahuu barbaannutti nu hin geessan, kun immoo akka hambaaleen keenya kanatti yeroo ammaa gufuu ta'anii argamanii fi of-duratti akka isaan saamichaaf saaxilaman isaan taasisa.Garuu bifa adeemsa beekkumsaa sirrii ta'een irra deebinee dubbisuun fi qayyabachuun, seera beekkumsa Islaamaa fi adeemsa isaatti murteeffachuun, akkasumas bu'uura qajeellumaa fi ifa kan ta'e Qur'aanaa fi Sunnatti murteeffachuun (dhimmaitti bayuun), geengoolee sadan kana keessaa bayuuf mala gahaadha.

Murtiin hambaalee tokko tokko irratti kennaman xiinxallaa ibsaa Kan akkaataa adeemsa sammuun Muslimaa dhala namaa fi hawaa waliin gadaalee gara garaa keessa ittiin jiraatee fi wanta adeemsa kana irraa kaanee haala isa ammayyaa keessa jirru kana waan irraa fayyadamuu qabnu ibsa. Kana wanni jenneef hambaaleen kuni yaada yeroo fi bakkee bira dabruu miti, yaada yeroo fi bakkee itti argame saniin daangeffameedha, akkuma yaada dhala namaa Kan dhala yeroo sanii, bakkee fi yeroo saniif yaademeeti.

Hambaaleen Islaamaa Kan wahyiin wal-qabatu immoo daangaa yeroo fi bakkaa waan bira kutuuf, dhibbeentaan dhugummaa isaa yaada wahyii irraa madde caalaa guddaadha.

Kanuma waliinuu, hambaalee kana bakkee isaaniin malu kaayuun, yaada, furmaata fi hiikkaa jijjiiramoota battalaati, ergaa isaa qayyabachuun kaayyoolee wayii galmaan gahuu,irra deebinee qorachuun walitti dhufeenya, kuufama fi adeemsa isaa beekuu, yaaddan fi xiinxallaawwan isa keessa turan kan bakkee fi yeroo keenya kan ammaa waliin deeman irraa fayyadamuu qabna.

## Qabxii 6ffaa: Hambaalee Biyyoota Dhihaatti Dhimma Bayuu

Kunis hambaalee biyyoota dhihaatti dhimma bayuuf akkaataa fi seera tumachuudha. Kunis Kan fayyaduuf, sammuun Muslimaa akkaataa itti fayyadama hambaalee warra dhihaa waliin walitti dhiyeessuu, wal-dorgomsiisuu, wal-bira qabanii ilaaluu kana keessatti hirmaatee, wanta hambaalee biyyoota dhihaa keessatti dhufan guutumatti fudhachuu yookiin guutumatti fudhachuu dhiisuu irraa bilisa akka ta'uufi. Sammuun akkasii kuni (guutumatti fudhachuu fi fudhachuu dhabuu), adeemsa seera qabeessa miti, dubbisa beekkumsa irratti hundaa'e miti, Kan faaya waan sanii qayyabachuuf yaaluu miti, sammuu waa akkeessuu fi waa dabarsuu qofaati, sammuu garaa garummaan beekkumsa dhala namaa jidduu qaroominaa fi aadaalee jiru qayyabatuu miti.

## 6- Barbaachisummaa Beekkumsa Islaamessuu

Tarkaanfiileen yookiin qabxiileen jahan armaan olitti dubbataman kanniin irraa ka’uudhaani, yaad-rimee “Beekkumsa Islaamessuu” jedhu kana akka qabxiilee bu’aaraatti kaayuu kan dandeenneef, nuti yeroo ammaa kana addunyaa beekkumsaa, saayinsiiwwan fi argannoowwan saayinsii uumamaa keessa jirra. Saayinsiileen kunniin, Rabbii waan hunda uume, Hawaa fi dhala namaa jidduu hariiroo hin jiru gadaa jedhu keessa jirra. Saayinsiileen kunniin, ilaalcha addaa hawaa (uumama naannootiif) qaban.Gariin ilaalcha kanaa ilaalchakeenya kan Islaamaa waliin wal-faallessuu irratti bu’uureffamu. Garuu dhimmi ijoon, jechamoota amantii keenyaa keessaa jechoota ilaalcha saniin wal-gitan filannee, duruyyuu nu bira jira jechuun yookiin guutumattiilaalcha san fudhachuu dinnee kafarsiisuu miti.

Ka’umsi Beekkumsa Islaamessuu kun, jalqabuma irraayyuu ilaalchi saayinsii hawaatiif qabu yaada ‘waan namni amantii jedhe hunda irraa fudhaa’ jedhuu miti. Dirqama namoota amantii keenya hin qabnetti ykn namoota keenya hin ta’initti fakkaachuu hin qabnu. Sababni isaas, muuxannoowwan namoonni biraa beekkumsaa fi bu’aalee isaa irraa qaban muuxannoolee keenyaan wal-hin gitu waan ta’eefi. Osoo Qur’aanni dhimma amantii qofa barsiisa tahee, silaa gama tokko qofa dubbisna ture (sunis dubbisa isa jalqabaa qofa jechuu kooti, garuu nuti kan ajajamne faallaa saniiti). Nuti beekkumsa

saayinsii waliin, maaliif wal'aansoo hin goonu? Yoo jenne, wahyiin mallattoolee uumaa Rabbii ibsan, kan Qur'aana keessa jiru, isuma mallattoolee Rabbii kan uumama hawaa keessa jiruuti waan ta'eef.

Yoo dogongorri wayii saayinsii ragaa godhatee argame, yaadicha kana cuunfinee keessaa qulqulleessuu qabna, kuni bu'uura dubbisa lamaan wal-bira qabanii ilaaluuti. Kana Kan jenneef, amantiin jalqaba kan isa qunnamaa ture: yaada xiinxallaa sammuun fudhattu qofa, yeroo sanitti beekkumsa ammayyaawaa hojii irratti hundaa'ee fi firii isarraa argameen hin deeggaramne, kun immoo akka karaaleen duudhaa (moofaa) san bira kutan akka uumaman taasise. Wanti nurraa barbaadamu –akka uummata qajeelluma raabsituutti - beekkumsa kana karaalee dogongoraa kana irraa deebisuun, hubaatiilee isaan qaqqabsiisan irraa qulqulleessuun, irra deebinee bifa haarayaan hojiirra oolchuu fi bifa dubbisa lamaan wal-bira qabaa ta'een sirreessutu nurraa eeggama.

Dhimmi nuti amma akka beektota hawaasa Muslimaatti itti yaamnu kun, namoonni gariin akka dhimma naannolee muraasa fi dhaloota Islaamaa qofaafdhiyaateetti haa ilaalan malee,inni dhimma addunyaa hundaati, nuti kutaa addunyaa har'aa isa sochii cimaa qaba jedhamu keessaa isa tokko, kunis akka jaarraa 18ffaa fi 19ffaa duula aadaa adeemsisuun osoo hin taane, duula beekkumsa hojirra oolaa ta'e gaggeessuutiini. Kuni immoo warraaqsa guddaa kan akka abaabayyoonni keenya duula

xiinxallaa kolonii biyyoota dhihaa waliin dhufe ofirraa deebisuuf godhanii san nurraa barbaada. Yeroo sanitti duula sammuu irratti godhamu dandeettii sammuu teennaa muraasa saniin ofirraa ittisaa turre, amma immoo, duulli keenya sammuu saayinsaawaa hojii irra oolaa ta'e kan saayinsii uumamaa fi hawaasaa hunda irra deebi'ee sirritti bocee baase qorate waliini.

Carraan nuti qabnu, yookii nama amantii qofa hordofu-kan ga'een isaa duula ofirraa ittisuu qofa tahe ta'uu, yookiin immoo gama Beekkumsa Islaamaatti jijjiiramnee saayinsii uumamaa kana ilaalcha dimshaashaa kan Qur'aanaa fi hawaa hunda qixxisu bocnee dhimma itti bahuu fi saayinsiiwwan waa'ee dhala namaa fi hawaasaa qoratan bifa ilaalcha Qur'aanaatiin wal-gituun irra deebinee ijaaruudha. Cufti saayinsiilee yaaliidhaa kunniin balali'iinsa isaanii irratti kutaalee/gar-tokkee wantootaa qofarratti malee hawa guutuu hammachuu hin dandeenne, cufti uumamaa/hawa hundaa kan jiru Qur'aana Rabbii keessatti rabbiin akkana jedhe;

إِنَّ ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِيٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ بِغَيۡرِ سُلۡطَٰنٍ أَتَىٰهُمۡ إِن فِي صُدُورِهِمۡ إِلَّا كِبۡرٞ مَّا هُم
بِبَٰلِغِيهِۚ فَٱسۡتَعِذۡ بِٱللَّهِۖ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ﴿٥٦﴾ لَخَلۡقُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ أَكۡبَرُ
مِنۡ خَلۡقِ ٱلنَّاسِ وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ﴿٥٧﴾ سرة غافر (56-57)

"*Namoonni mallattoolee Rabbiin buuse ragaa fi sababa gahaa tokko malee didanii ofirraa darban, qoma isaanii keessa boonichaa fi waanyotu jira (wanta Rabbiin ergamaa isaa*

*filatamaa godheef isa waanyan) kabajaa fi filatama Rabbiin nabiyyii isaatii kenne san itti gayuu hin danda'an, waanyoo fi dhara isaanii sanirraa Rabbii dhagayaa fi argaa waan hundaa ta'etti maganfadhu,, Samii fi dachii uumutu ilma namaa uumuu caala guddaadha, garuu namoonni hedduun kana hin beekan*" (Gaafir: 56-57).

Beekkumsa Islaamaa keessatti itti gaafatamummaan nurra jiru hedduu guddaa fi Kan addunyaa hunda qixxisuudha. Qur'aanni, kitaaba Rabbiin biraa buufame waan ta'eef, yeroo fi bakka kamittuu firii bu'a qabeessa kenna. Saayinsiiwwan kamiyyuu caalaa, beekkumsa madaalawaa fi adeemsa beekkumsaa dimshaasha ta'e of-keessaa qaba. Duulli qaroominaa yeroo ammaa taasifamaa jiru kun, adeemsa Qur'aanaa qayyabachuu, Qur'aana kanaan qaroomnee saayinsiilee hunda irratti seera dubbisa lamaan wal-bira qabnee dubbisuutiin ol-ta'iinsa galmeessuu keenyaaf qormaata nu eeggataa jiruudha. Saayinsiileen ammayyaa sadarkaa wantoota hunda gar-malee xixinneessanii, gar-gar qoqqooduun qayyabachuutti gayee jira.

Wantoonni yeroo ammaa kana akka namoonni nu dura dabran wantoota dhuunfaati jedhanii itti qayyabatan sanii miti. Warraaqsa teknolojiitiin booda miirri maaykirooskooppii fi elektiroonotaa hedduu waan babal'ateef, wantootaaf qayyabannaa haaraa kennaa dhufee jira. Namoonni nu duraa elemantii baay'ee xinnaa (atoomii) ta'e akka cirracha xinnaa ijaan hin argineetti haa qayyabatan malee, atomiin Kun yeroo

ammaa garuu wanta hedduu xinnaa ija uumamaatiin hin mul’anneetti geeddaramee jira. Yeroo ammaa maaykirooskooppiin guddifamee ilaalcha.Kanaafuu, hiikni isaa waan ijaan mul’atu irraa gara waan hin mul’anneetti geeddarama, kanaafuu Rabbiin akkana jedha:

فَلَآ أُقْسِمُ بِمَا تُبْصِرُونَ ﴿٣٨﴾ وَمَا لَا تُبْصِرُونَ ﴿٣٩﴾ سورة الحاقة (38-39)

*“Wantoota isin ijaan argitaniin kakadhe, wantoota isin ijaan hin agarreen kakadhe”* (Al-Haaqqah: 38-39).

Namoonni nu dura turan, turtiilee yerootiif qayyabannaan isaan qaban, wal-duraa duubaan dhufiinsa isaa (baay’ina) qofa yoo ta’u, dhaloonni ammaa kun immoo, turtiileen yeroo kun haala akkaataa sochii isaa, jijjiirama inni akkamitti socho’a fi gosa kamtu socho’a jedhu irratti xiyyeeffata malee, baay’ina (wal-duraa duubaan dhufuu) isaa qofaa miti.Isa kana garaa garummaan guddaan jidduu sababaa sammuun waan kayame (uumame) tokkoof dhiyeessituu fi sababaa saayinsiin ammayyaa dhiyeessuu jidduu jiru, sababni ammayyaa kuni sosocho’iinsa fi geeddarama dhala namaati.

Kanaafuu, dhimmi “Beekkumsa Islaamessuu” jedhu kun yoo seera (adeemsa) dubbisa lamaan wal-bira qabanii dubbisuu kan ittiin bocnu ta’e, ilaalchagabaabaa yookiin jechoota falaasamaatii miti, ergaan isaa: “sammuu/ xiinxallaa/ ilma namaa kana rakkinna barnoota amantii qofa hordofuu fi waan sheekni amantii jedhu qofa fudhachuu irraa qulqulleessuu,

akkasumas sammuu ilma namaa kana yaaddan saayinsiin boce, kan Rabbii uumaa waan hundaa ta'een addaan nama kuttu irraa qulqulleessuudha". Karaaleen lameenuu jiruu ilma namaa, qaroomina wal-giteessuu, seerotaa fi akkaataa ittiin bulmaata isaa irraa waan harcaase qaba.

"Beekkumsa Islaamessuu" yaanni jedhu kunseensa seera beekkumsaati (qaroomina addunyaawaa irraa bakka kan bu'uudha), Muslimoota qofa baraaruuf hin karoorfatu, cufuma addunyaa hunda baraaruufi malee. Kuni immoo itti gaafatamummaa qorannoolee fi qu'annoolee hedduu nurra barbaaduudha. Qu'annoo saayinsii Qur'aanaa Kan qayyabannoo haaraya irratti hundaa'e, kan ilaalchi isaa saayinsaawaa fi addunyaawaa ta'e irraa kaanee hanga dhumaatti godhuu qabna. Isa kana bu'uurri barbaachisummaa Beekkumsa Islaamaa fi dirqamoonni dhaloota kan eeggatan.

Yoo adeemsa Qur'aanaa kana akka kitaaba guutuu waan hunda hammatuutti hin qayyabanne, akkuma adeemsa ammayyaa kan hawaa fi sochiilee isaa qoratu qayyabannetti yoo hin hubanne, gonkumaa Beekkumsa Islaamessuu kana hundeessuun hin danda'amu. Osoo nuti dhimmakeenya addunyaaf dhiyeessuuf teennu, rakkoowwaan hedduun nu qunnamuuf taa'u, isaan keessa: sammuun saayinsaawaan, addunyaawaan fi ammayyaawaan kitaabota amantii hundayyuu hin fudhatu, dhimmoota muraasa isa keessa jiru ni fudhata ta'a, garuu adeemsa isaa hin fudhatu, sababaan inni dhiyeeffatu,

ga'een kitaabota amantii kun iimaanaa fi wantoota girdoo duubaatti amanuu bira hin dabru jedhee fudhata, kanaafuu jechamni kamiyyuu kitaabota amantii irraa yoo dhufan,gama saayinsiitiin fudhatama hin argatan, akka isaan himanitti akkas godhuun kuni isaan lamaan keessaa tokko kijibsiisuu yookiin lamaanittuu dubbii sobaa maruudha jedhu.

Saayinsii ammayyaa wantoonni kitaabonni waaqa irraa buufaman hundi dhimmi wantoota hin mul'annee irratti ibsa kennanii fi oduu fi seenaaleen warroota dabranii kan kitaabota kana keessatti odeeffaman hunduu, seenaa namootaan bocaman faallessa. Akkasumas beekkumsa namoonni bocatan (ofii uumatan) biratti fudhatama hin qabaatu jedhu.

Dogongorri kun kan argameef, yaada dubbisa lamaan wal-bira qabanii hubachuu jedhu san sirritti qayyabachuu dhabuu irraayyi, kaayyoon dubbisa lamaan wal-bira qabuudhaa, hawaa kana qayyabachutti gahuudha.Kunis faallaa dubbisa lammaffaa qofa dubbisuuti. Osoo dubbisa 2ffaa qofatti geeffanna jennee (hawaa dubbisuu qofa), silaa nuti geengoo namoonni xiinxallaa fi jechamoota argama isaatiif lafa kaayanii san qofa keessatti hafnee, hubannaa wantootaa murna murnaan gar-gar qoodanii mormuu, dhibbeenttaa fi carraa jiraachuuf dhiisuu wantootaa kan saayinsiin ammayyaa itti amanu san keessatti hafna. Kanarraa ka'uun dubbisa 2ffaa qofa dubbisuu irraa isin seerra, dubbisni kun kophaa isaatti gara kutaalee wantootaa muraasa muraasaan qayyabachuutti malee gama guutuu hawaa

qayyabachuutti nama hin geessu. Garuu yeroo dubbisa $2^{ffaa}$ isa $1^{ffaa}$tiin walitti qabnee dubbisnu, nuti suuta suuta wantoota gar-tokkee irraa gara qayyabannaa hawaa guutuutti (cufuma wantoota hawaa keessa jiranii, kan mil’atuu fi hin mul’annees) hubachuutti geenna.

Wantoota dhokatoo yookiin girdoo duubaa hunda fudhachuu diduun, dubbisa $1^{ffaa}$ (wahyii dubbisuun hawaa ykn uumama rabbiin uume dubbisuu) diduudha.Wahyiin bifa dimshaashaatiin bu’ee gadi-dhiifamaa (kan wantoota muraasa irratti hin daangeffamne) fi kan kutaalee wantootaa qayyabatuudha, faallaan jecha kanaa sirrii hin ta’u. Seera (adeemsa) ofii keessatti dubbisni jalqabaa wantoota hin mul’annee fi wantoota girdoo duubaa akka bu’uuraa adeemsaatti fudhata, wantoota itti amanuu qaban qofa otuu hin taane, uumamni guddaan (hawa guddaa) jiraachuu isaa akka ragaatti fudhata (kuni wanta dubbisni $2^{ffaa}$n hawa dubbisuu irraa ifa nuu godhuudha).

Addunyaan kun rakkinoota xiinxallummaa fi qaroominaa keessaa bayuuf, dhugaa hawaa kan wantoota dhokataa ta’aniis dabalatee sirritti hubachuu qaba, kuni ga’ee dubbisa jalqabaati, dhimmichi hedduu guddaa fi akkuma hawaan kuni bal’atu babal’ataa deema, jalqabni dhimma kanaas, dubbisa lamaan walitti qabuudha, kaayyoon isaa (Beekkumsa Islaamessuu) guddaan: qajeellumni akka nama hunda qaqqabu,

dhugaan akka ol-baatuu fi qajeellumni akka babal’atu godhuudha.

Gabaabumatti, kuni yaada “Beekkumsa Islaamessuu” kan gama falaasamaa fi beekkumsaatiin jiruudha. kan dubbatemes hariiroo inni wahyii fi hawaa waliin qabuu yoo tahu kaayyoo fi ergaa isaa guddaa immoo dimshaashumatti akka armaan gadiitti ibsuun ni danda’ama:-

**1ffaa**: Hariirooo jidduu beekkumsaa, saayinsii fi sonaawwan jiran deebisanii cimsuu. Ibsa biraatiin, beekkumsa saayinsii kana kan jidduu beekkumsaa, saayinsii fi sonaa addaan baasuun isaa dogongora ta’ee argame kana, gara safuutti (duudhaatti) deebisuudha. Namni adeemsa fi guddachaa dhufiinsa saayinsii kana xiinxallu wanti inni qayyabatu; oomishaalee beekkumsa biyyoota dhihaa (Awurooppaa fi Ameerikaa) keessatti, mata-dureeleenii fi dhimmoonni waa’ee safuu fi beekkumsaa dubbatan akka ilaalchaa dhufaniidha, “haaroomsaan booda” erga yaanni jidduu saayinsii fi safuu gar-gar baasuu fashalaaye, kallattii beekkumsaatiin kan taassifamaa jiru, walitti hidhama kana sirritti cimsaa jiraachuudha.

Yoo dhugaan battalaa amma jiraachaa jirru kana fakkaata ta’e, ilaalchi amantiin Islaamaa saayinsiif qabu, akka seenaa guddinna saayinsii Awurooppaadhaa shaakallii fi dogongoratti dhimma hin qabu, amantii kana keessa seerota bu’uuraa kan jidduu saayinsii fi safuu gar-gar hin baasne fi baasuunis kan hin mijanne ta’uu wanta mul’isutu jira. Kanarraa

ka’uudhaan manni barumsa “Beekkumsa Islaamummaa” kan itti xiyyeeffatu seera kana, seera addunyaawaa, kan falaasamoonni, tarsiimoowwanii fi maloonni barbaachisoon ittiin fiixa bahan godhuudha. Kunis kan ta’uu danda’uun, seerota barbaachisoo ta’an kan saayinsii kana fedhii/ hawwiin walitti hidhuun osuu hin taane, kan dhugaan walitti qabsiisan qopheessuudhaani.

Si’a kana ifaajeen hunduu gara saayinsii fi safuu addaan kutuu osuu hin taane, gara dhugaa fi dhugummaa, gara haala yeroo beekuu, gara jidduu fedhii/ hawwinaa/ ta’uu hin ooltuun waa hojjachuu, namatti fakkaachuu fi wallaalaan waa dalaguu gar-gar baasutti deema.

Addaan baasiinsi kuni, saayinsii kana fedhii (hawwinaatee) irraa baraarsa, wallaalaa fi jedhan jechaan waa hojachurraa fageessa. saayinsii kana dhugaa fi dhugummaan akkuma jirutti otuu gara karaa, amantii fi fedhii ofii hordofaniitti dabsuun hin argamne walitti hidha. Seerri kanaa akkuma Qur’aana keessatti dhufe. Rabbiin akki jedhe;

وَلَا يَجۡرِمَنَّكُمۡ شَنَـَٔانُ قَوۡمٍ عَلَىٰٓ أَلَّا تَعۡدِلُواْۚ ٱعۡدِلُواْ هُوَ أَقۡرَبُ لِلتَّقۡوَىٰۖ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۚ إِنَّ ٱللَّهَ

خَبِيرُۢ بِمَا تَعۡمَلُونَ ٨ سورة المائدة (8)

“*jibbaan isin tuutaaf qabdan dhugaa dubbachuu irraa akka isin hin ittisne, dhugaa dubbadhaa (wal-qixxeessaa) isatu gara soda Rabbiitti irra isin dhiyeessa))* (Almaa’idaa:8), ammas Rabbiin akkana jedha:

وَلَا تَقْفُ مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌ ۚ إِنَّ ٱلسَّمْعَ وَٱلْبَصَرَ وَٱلْفُؤَادَ كُلُّ أُو۟لَٰٓئِكَ كَانَ عَنْهُ مَسْـُٔولًا ﴿٣٦﴾

سورة الإسراء (36)

*((wanta hin beekne keessa hin bu'in (harka hin naqatin), gurri, ijji fi onneen kee wanta hundarraa gaafatamuuf taa'u"* (Al-Israa'i: 36).

**2ffaa**: Dubbisa lamaan walitti fiduu fi wal-mormisiisuu, wahyii fi Hawaa kana dubbisa sirrii ta'e, kan hariiroo jidduu dhala namaatii fi jidduu Allaattiilee, Bineensotaa, Wantoota jajjaboo fi Biqiltootaa jiru ibsuun hubachuu fi qayyabachuudha. Uumamni amma dubbanne kun hundinuu kan sosocho'aniin seera tokkooni, heera tokkotu isaan bulcha, kaayyoo tokkoof uummaman, innis Rabbii tokkicha gabbaruu, wanta isaan hin malle irraa isa qulqulleessuu fi isa faarsuudha. Kana jechuun, jidduu saayinsii uumamaa fi jidduu saayinsii hawaasaa walitti hidhuu jechuudha.

Walitti hidhiinsi kunis seera namaan bocame ykn tumame, kan saayinsiin hawaasaa kuni saayinsii dhugaa ta'uudhaaf bu'uurota saayinsii uumamaa irratti hundaa'uu qaba jedhu irraa ka'u osoo hin ta'in, yaada saayinsii lamaaniituu gara falaasama tokkootti deebisee, kan dubbisa wahyii waliin wal-fudhatuu fi walitti makamu godhuudhaani. Akkasumas, seera walii galaa kan saayinsiilee lameenuu bulchuu fi qayyabannaa gadi dhaabbataa gama bu'a-qabeessatti geessu qorata malee, kan qilleensa faalu, kan humna isaa qisaasessu, kan hariiroo wal-

aansoo isaanii irraa gara irratti ol-ta'iinsaatti jijjiiruu osuu hin taane, kan wal-waliin jiraatan, amaanaa isaanitti kenname bahanii fi lafa kana irratti bakka bu'ummaa Rabbiin isaaniif kenne kan fiixa baasaniidha. Akkasumas, garaa garummaa jidduu beekkumsa gara garaa jiranii fi amaloota addummaa isaan qaban osoo hin dhabamsiifne, hunda isaaniitiifuu addummaa isaanii eegee, gar-tokkeen wantootaa dimshaashummaa wantoota birootiin walitti makamanii hojjachuu keessatti akka hammatamu godha.

**3[ffaa]**: Rakkinoota falaasamaa hayyoonni biyyoota dhihaa yeroo ammaa keessatti kufan kan yaada "dhuma" jedhuun wal-qabateedha.Beekkumsi biyyoota dhihaa kan itti fashalaaye, yaada "dhuma" jedhu kanaaf furmaata dhabuu isaati. Yeroo hundaa yaadni dhuma jedhu kun (dhuma seenaa, dhuma libiraalizimii, dhuma addunyaa… kan jedhu) kun gar-malee babal'ataa dhufee jira. Kuni kan ta'eef, falaasamoonni ilmi namaa qaban hundigaafii dimshaashaatiif deebii gahaa kennuu waan dadhabaniifi, kunis kan ta'eef sababa isaan wahyiif bakkee kennuu dhabaniifi.

Gaaffiin sunis; kaayyoon Hawaa (uumama) kanaa maali? Dhumni isaa eessa ta'a? kan jedhuudha. Kanaaf, maarkisizimiin yaada dhuma jedhu kanaaf furmaata ta'a jedhee kan inni dhiyeesse; kommiyuunizimii guutuu ta'e uumuu, kan qabeenyi nama hunda biratti argamu, yeroo namni hunduu hanga humna

isaa hojjatu fi hanga itti dhimma bahu fudhatee yeroo itti qanani’u yaada jedhu ture.

Kufaatii maarkizimiitiin booda garuu, qaroominni awurooppaa tarkaanfiilee baay’ee gara duubaatti waan deebi’ef, haalli kaapitaalizimii ammaa kuni dhuma seenaati jedhanii amanu. Kanarraa ka’uudhaan, yaanni “Beekkumsa Islaamessuu” kuni diraamaa yookiin ilaalcha argama namaa yookiin qaroominaaf dhuma isaa kan daangessu osuoo hin taane, hojii (shaakallii) tokkoof seera kan tumu, ilaalcha bal’aa kan eegalu, guutumatti yaada dhuma jedhu kana akka rakkinna beekkumsaatti kan dhabamsiisudha. “Dhumni” kuni dhuma banaa jiruu duniyaa kana irratti daangaan isaa hin beekmaneedha.dhumni tuni daangaa dhuma hawaa nuti keessa jiraannuutiin ala.Kana malees, dogongora dhala namaatiinis ala. akkuma ergamaan Rabbii (nageenyi isaan irratti haa jiraatuu) jedhan:**((إذا قامت الساعة وفي يد أحدكم فسيلة واستطاع أن يغرسها فليغرسها))** “Haala harka kee keessa sanyiin biqiltuu dhaabamuu jiruun yoo qiyaamaan dhaabbatte, sanyii san dhaabuu yoo dandeette dhabi”(10), kana jechuun akka waan ergamaan Rabbii (nageenyi isaan irratti haa jiraatuu), osuu mallattoolee qiyaamaan dhaabbachuu hundayyuu argitee, “dhuma” waan jedhu hin ilaalin jedhaniiti, yookiin qaroomina dhala namaa kanaaf daangaa hin godhin, yookii dachii qotuu fi dhimmi itti bahuu irraa hin taa’in akka waan jedhaniiti.

“Beekkumsi Islaamaa” kuni akka guddinnaa fi sadarkaa har’a inni jiru irraa hubachuun malutti, gara aadaa Islaamaa addunyaawaa ta’e uumuutti nama yaama. aadaa addunyaa hunda walakkeessa godhatee, qaroomina dhala namaa ijaaruu fi dachii kana misoomsuun (irraa kan fayyadamu), cufuma dhala namaatiif gammachuu kan argamsiisu, dhala namaa kana balaa irraa kan baraaru, ummata jiddu-galeessa ta’e kan qajeelaa fi qajeellumatti (waan gaaritti) nama yaamu, wanta badaa irraa kan nama seeru, kan gammachuu duniyaafi aakiraatiif carraaqatu uumuudha. Rabbiin dhugaa dubbata, isatu gara karaa dhugaatti nama qajeelcha.

Dhuma irratti galanni kan Rabbii ilma namaa, Jinnii fi Malaa’ikaa uumeeti.

### 7- Miil-jalee

1- Beekkumsi Islaamaa kun akka yeroo jalqabaa kan yaanni adeemsa sirraawaa ta’e irratti hundaa’e, kan isaaf jecha biirooleen fi dameeleen dhaabbata xiinxallaa Islaamaa addunyaa dachee hundarra ittiin babal’atee miti. Yaanni kuni dhaabbilee garii biratti bocni isaa kan walii galaayookiin mata-dureeleen isaa hedduun gabbatee, oomisha isaa bifa adda ta’ee fi karaa addaa kan mata-dureelee as keessa jiraniin bifa xinnoo wal-hin fakkaanneen kennuu eegalee jira. Dhaabbanni kun, dhaabbilee fi yaaddan isaanii saniif itti gaafatamummaa hin fudhatu, akkasumas yaanni isaanii sun,

adeemsa dhimma dimshaashaa dhaabbanni bu’uura godhatee fi yaaddan kitaabota isaa keessatti maxxansaman bakka kan bu’anii miti. Barreessaan kitaaba kanaa, xalayaa biraa kan “Adeemsa xiinxallaa keenyaa sirreessuu” mata-duree jedhuun maxxanfame qaba. Kitaaba san keessatti, yaaliin yaada kana dhuunfachuu yookiin irra isaa qofa ibsuuf taasifamaa ture akka jiru ibsuuf yaalee jira.

2- Akka utubaalee iimaanaa, dirqamootaa, ibaadaa (gabbaraa), wanta Rabbiin dhooggee, Kan beektonni Islaamaa gariin akka wanta dirqama baratamuu qaban jedhanii kaayaniidha.
3- Seensa Beekkumsa Islaamaa – Dr. Imaaduddiin Kaliil.
4- Adeemsa (seera) Qur’aanaa fi falaasama saayinsii uumamaa fi namaa Islaamessuu – Muhammad Abul-Qaasim Haaji Hamad.
5- Wal-fakkaattotaa fi masaanuu, seera fi damee fiqhii Shaafi’ii – Jalaaluddiin Al-suyuuxii, fuula 158.
6- Hadiisa:“Akkaataa (seera) Hajjii keessanii ittiin raawwattan (*manaasika keessan*) narraa fudhaa”) Imaam Ahmaditu kitaaba isaanii Musnada keessatti baasan (218/3), Hadiisa Jaabir bin abdullaah odeesse irraa.
7- Hadiisa “Akkuma anaa salaatu na argitanitti salaataa….”, Bukaaritu Hadiisa dheeraa Abi Qilaabaan Maalik bin al huweeyris irraa odeesse keessatti baase, Sahiih Bukaarii (117/1), Ahmadis kitaaba Musnada keessatti (53/5) baase.

8- Hadiisa “guyyaa qiyaamaa namni ibidda keessatti caalaa gubatu…” Nasaa’itu sunana keessatti baase, kitaaba Al-Imaanu bi sharia’I jedhu, boqonnaa waa’ee Nama caalaa ibidda keessatti gubatu (53-56) jedhu jalatti.
9- Hadiisa “osuu tuutti (gosti) tee amantii kanaaf haaraya ta’uu baatanii…) Nasaa’itu sunana keessatti baase, kitaaba Zakaa, boqonnaa waa’ee ka’abaa (2900), hadiisa Aa’ishaan odeessite “otuu gosti tee amantii kanaaf haaraya ta’uu baatanii, silaa Ka’abaa tana diigee, roga Nabi Ibraahim itti ijaare sanitti deebisee, balbalas itti godha…”
10- Hadiisa: “Haala harka keessan keessa sanyiin biqiltuu dhaabamuu jiruun yoo qiyaamaan dhaabbatte….” Imaam Ahmadtu Musnada isaanii (184/3) keessatti dubbatan, hadiisa Anas bin Maalik odeesse irraayi.

# KITAABNI KUN

*Kitaabni Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaaniin qophaa'e kun, akka Dr. Alii Jum'aa jedhutti, xiinxallaa Islaamaa ammayyaatiif bu'uura.Yaanni beekkumsa Islaamessuu kun adeemsa xiinxala haaromsuu, bilcheessuu, guddisuu fi gabbisuuti. Kunis beekkumsa sammuu Muslimaa irra deebiin ijaaruuf kan gargaaruudha. Dr. Imaaduddiin Kaliilii fi Abul Qaasim Hammaad beekkumsa Islaamessuun gumaacha saayinsii, qaroomina dhala namaa fi yaaddan falaasama namaan bocamanii hiikuu fi seera amantii keessatti itti fayyadamuudha.*

*Qabxiilee akka: dhugummaa beekkumsa Islaamessuu fi barbaachisummaa isaa beekuu, adeemsaa isaa hubachuu, fi mallattoolee kana ibsan kanneen akka: seera beekkumsa Islaamaa ijaaruu, adeemsa beekkumsaa fi waliinjireenya Qur'aanaa hundeessuu, akkaataa Sunnaa ergamaa Rabbiitti (SAW) dhimma bayan tolchuu, hambaalee Islaamaa fi biyyoota dhihaa qayyabachuu fi dhimmaitti bayuun adeemsaa beekkumsa islaamessuu barbaachisa jedha Dr. Xaahaan.*

*Ka'umsi beekkumsa Islaamessuu, mallattooleen wahyiin Qur'aana keessatti ibsaman isaanuma uumama hawaa keessa jiran waan ta'aniif, madaala kana qixa sirrii ta'een orma biroo hubachiisuun dirqama. Sammuun ilma namaa yaaddan saayinsiin boces beekuu waan qabuuf, hariirooo jidduu beekkumsaa, saayinsii fi sonaawwanii jiran deebisanii cimsuun, yaada amantii fi saayinsii walmadaalchisuu fi rakkinoota falaasamaa hayyoonni biyyoota Dhihaa yeroo ammaa keessatti kufan kan yaada "dhuma" jedhuun wal-qabate furuu qabnas jedha.*